Ifatti Baafamuu

# Baroota Waldaa Torbanii

## Boqonnaa Sagal

## Bara Waldaa Laa'odiiqeyaa

Mul'ta 3:14-22

*"Gara ergamaa waldaa Laa'odiiqeyaatti, 'Ergaa kana isa karaa isaa wanti hundinuu "Ameen" jedhamu, dhuga-baatuu isa amanamaa, isa dhugaadhaaf dhugaa ba'u, isa wanti Waaqayyo uume hundinuu biraa ka'e sanatu erge' jedhii caafi!*

*Ergichi, "Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati buluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture!*

*Ati garuu Bu'aa'aa dha; diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira.*

*"Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati garuu nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu.*

*Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'anetti, uffata adii, arguu akka dandeessuuttis qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa.*

*Warran jaalladhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geeddaradhu!*

*Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata.*

*Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf.*

*"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!" kan jedhuu dha.*

**Magaalaa Laa'odiiqeyaa**

Maqaan Laa'odiiqeyaa jedhu hiikni isaa, "mirga namaa" jechuu yoo ta'u, maqaa baay'ee beekamaa fi kabaja dubartoota maatii moototaa akkasitti moggaafamaniif jecha magaalota hedduudhaaf kennameera. Magaalaan kun magaalota Asiyaa Xiqqoo keessatti siyaasaan barbaachisoo fi faayinaansiidhaan guddachaa jiran keessaa tokko turte. Qabeenyi baay'ee guddaa ta'e lammiilee beekamoo ta'aniin magaalattiif dhaalaan kennameera. Isheen teessoo mana barumsaa Fayyaa guddaa turte. Uummanni ishee aartii fi saayinsiidhaan addatti beekamu turan. Magaalota digadamii shanan biroof teessoo mootummaa naannoo waan turteef yeroo baay'ee 'metropolis' jedhamti turte. Waaqni tolfamaan achitti waaqeffatamu Ze'us (Zeus) ture. Dhugaa dubbachuuf magaalaan kun yeroo tokko kabaja waaqa isaaniif jecha Di'opolis (magaalaa Ze'us) jedhamtee turte. Jaarraa afuraffaatti yaa'iin waldaa murteessaa ta'e tokko achitti geggeeffameera. Kirkirri lafaa yeroo baay'ee ishee mudatu dhuma irratti guutummaatti akka baddu ishee taasiseera.

Ammalli bara dhumaa kanaa bara amma keessa jiraachaa jirruu wajjin sirriitti wal sima. Fakkeenyaaf, waaqa tokkicha Ze'us isa angafaa fi abbaa waaqolii ta'e waaqeffatu turan. Kun raaga jaarraa digdamaffaa 'Waaqa tokko, abbaa hundaa keenyaa' jedhu isa yaadama amantii kan obbulummaa jajjabeessuu fi amma illee pirotestaantota, Kaatolikii, Yihudoota, Hinduu fi kkf walitti fidaa jiruu ta'ee, yaada waloon waaqeffachuun jaalalaa, hubannoo fi kunuunsa waliif qabnu dabala jedhuu ti. Kaatolikii fi Pirootestaantonni amma illee waan kanaaf carraaqqii gochaa jiru, qabatamaattis gamtaa kana keessatti akeeka warri kaan hundi isaan duuba akka hiriiraniif ifa ta'een lafa qabachaa jiru. Ilaalchi kun Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii keessatti kan mul'ate yeroo geggeessitoonni addunyaa yaada waaqeffannaa hafuuraa dhuunfaa tokko tokkoof beekamtii kennuu didanii garuu amantiiwwan hundi gara sadarkaa tokkotti akka wal qixa ta'aniif abdii horatanii yaad-rimeewwan adda addaa sana hunda cinatti dhiisuuf yaada dhi'eessanitti ture, sababiin isaas amantiin hundinuu galmi isaanii tokko waan ta'eef, hundinuu kaayyoo tokko qabu waan ta'eef hunduu bu'uura irraa sirriidha jedhamee waan yaadameefi.

Maqaan Laa'odiiqeyaa, 'mirga namootaa' ykn 'haqa namootaa' jechuu akka ta'e hubadhaa. Barri akka bara waldaa jaarraa digdamaffaatti biyyoonni HUNDI ka'anii walqixxuummaa dinagdee fi hawaasummaa itti gaafatan argamee beekaa? Barri Kun bara komunistootaa isa namni hunduu wal qixa itti jedhamedha,

hojiitti hiikamuu baatus. Barri Kun bara dhaabbileen siyaasaa Dimookiraatota Kiristaanaa, Sooshaalistoota Kristaanaa, Federeeshiinii koomanweelzii Kiristaanotaa fi kkf moggaafatanii itti hundaa'ani dha. Akka hayyoonni ti'ooloojii liberaalota keenyaa jedhanitti Yesuus sooshaalistii kan turee fi waldaan jalqabaa qajeelfama Hafuura Qulqulluu jalatti sooshaaliziimii shaakalaa turte, kanaafis nutis har'a akkasuma gochuu qabna jedhu.

Warri durii Laa'odiiqeyaa magaalaa guddittii jedhanii yommuu moggaasan mootummaa addunyaa tokkoo isa amma gadi dhaabaa jiranii kana hawwiidhaan eeggachaa turan. Magaalaan sun bakka yaa'ii waldaa guddaa ta'uu ishee yeroo yaadnu sochii ekuumeenikaalii har'a lafa qabachaa jiruuf gaaddidduu ta'uu ishee argina, yeroo baay'ee as dhi'ootti warri maqaadhumaaf kiristaana ofiin jedhan hundi utuu isaan gara tokko ta'uutti walitti dhufanii arguuf jirra. Dhugaadhas, waldaa fi mootummaan, amantii fi siyaasni gara tokko ta'uutti walitti dhufaa jiru. Inkirdaadonni walitti qabamaa jiru. Qamadiinis gombisaatti walitti qabamuuf yeroo dhi'ootti ni qophaa'a.

Magaalattiin magaalaa kirkirri lafaa itti deddeebi'u turte, kirkirri lafaa hamaan uumames dhuma irratti magaalattii barbadeesse. Barri kun bara Waaqayyo guutummaa biyya lafaa raasee xumura itti godhudha, sababiin isaas jaalala haadha ejjitootaatiin qabamtee waan kufteef. Sirnoota biyya lafaa qofaatu ciccirama osoo hin taane, lafti iyyuu ni raafamti, sana booda bulchiinsa Kiristos waggaa kumaatiif ni haareffamti.

Magaalattiin dureettii, qabeenyaan kan badhaate turte. Isheen barnootaan kan badhaate turte. Saayinsiidhaan sadarkaa olaanaa irra geessee turte. Bara har'aa wajjin wal fakkaatti turte. Waldoonni sooreyyii turan. Waaqeffannaan bareedaa fi sirnaawaa ta'us, diilallaa'aa fi du'aa ture. Aadaa fi barnoonni iddoo Sagalee Hafuura Qulqulluutiin kennamee fudhatee ture, amantiinis saayinsiidhaan bakka buufame, kanaafis namni dhukkuba horii jaallachuutiin dhibamee ture. Laa'odiiqeyaan durii amala ishee hundumaa qabattee Laa'odiiqeyaa jaarraa digdamaffaa keessatti deebitee dhalachuu ishee argina. Namni gurra dhaga'u qabu cubbuu ishee fi firdii ishee isa wal irraa hin cinne irraa akka hin hirmaannetti, araara Waaqayyootiin ishee keessaa haa ba'u.

**Bara Laa'odiiqeyaa**

Barri Laa'odiiqeyaa naannoo jijiirama Jaarraa Digdamaffaatti kan jalqabe yoo ta'u, tarii bara 1906 ta'uu hin oolle. Barichi hanga yoomiitti tura? Akka tajaajilaa Waaqayyoo mul'ata baay'ee argee, mul'atichis takkaa utuu hin raawwatin hafee hin beeknee tokkootti nan tilmaama, (nan raaja hin jedhu, nan tilmaaman jedha malee) barri kun naannoo bara 1977 tti xumurama. Yoo dhiifama naaf gootan yaadannoo dhuunfaa kootiin isinitti hima; tilmaama kana kanan kaa'e mul'atawwan gurguddoo torban guyyaa Dilbataa, Waxabajjii 1933 ganama gara koo dhufe irratti hundaa'eeni. Gooftaan Yesuus natti dubbatee dhufaatiin Gooftaa akka dhi'aate, garuu osoo Inni hin dhufin dura taateawwan gurguddoon torba akka raawwataman natti himee ture. Hunda isaanii barreessee, ganama gaafa sanaa mul'ata Gooftaa himeen ture. Mul'anni jalqabaa Musolooniin Itoophiyaa akka weeraruuf jiruu fi biyyi sun "miilla isaa jalatti akka kuftu" ture. Dhugaadha, kaan isaaniis yeroon sana dubbadheetti baay'ee aaranii amanuus didanii turan. Garuu akkuma dubbatametti raawwatame. Inni meeshaa waraanaa ammayya'aa hidhatee itti seenuudhaan biyyattii to'ate. Lammiin biyyattiis harka kennuu malee carraa biraa hin qaban turan. Kana malees mul'ata sana keessatti sabumti Musoloonii isa irratti ka'ee dhumni isaa du'a suukanneessaa akka ta'uuf jirus dubbadheera. Sunis akkuma jedhametti raawwatame.

Mul'anni itti aanu namni Ostiriyaa maqaan isaa Adoolfi Hiitiler jedhamu Jarman irratti abbaa irree ta'ee ka'uudhaan addunyaa gara waraanaatti akka dhiibu raajiin duraan dursee dubbatameera. Innis sarara Siegfried (Siegfried line) fi akkamitti loltoonni keenya sana irra aanuudhaaf yeroo hamaa dabarsuuf akka jiran kan agarsiisu ture. Sana boodas dhumni Hiitiler hibboo ta'uuf akka jiru mul'isee ture.

Mul'anni sadaffaan siyaasa mootummaa addunyaa keessatti ta'uuf jiruu yoo ta'u, innis IIZIIMII gurguddaan sadii, kana jechuunis Faashiiziimii, Naaziisiiziimii fi Komuniiziimiin akka hundeeffamuuf jiran, garuu warri lamaan jalqabaa isa sadaffaadhaan akka liqimfamuuf jiran agarsiise. Sagaleen sun, "RUUSIYAA AKEEKKADHAA, RUUSIYAA AKEEKKADHAA. Mootii Kaabaa irraa ija keessan hin buqqifatinaa" kan jedhu ture.

Mul'anni afuraffaan waraana addunyaa lammaffaa dhufuuf jiru booda argannoowwan gurguddaa saayinsiin bira ga'uuf jiru kan agarsiise ture. Innis mul'ata konkolaataa irri isaa pilaastikii bubbeen guutame qabu ta'ee kan daandiiwwan bareedaa ta'an irra oofamuu fi rimootiidhaan fageenya irraa kan to'atamu, konkolaataan kun marii kan hin qabnee fi namoonni isa keessa taa'anii geemii garaa garaa taphachuudhaan utuu bashannananii kan argisiise ture.

Mul'anni shanaffaan rakkoo safuu dhabuu bara keenyaa wajjin kan wal qabatu yoo ta'u, irra caalaatti dubartoota giddu galeessa kan godhate ture. Dubartootaaf mirgi kennameefii, isaanis bakka isaaniif malu gadi dhiisuu akka jalqaban Waaqayyo natti agarsiise. Sana booda rifeensa mataa akka muratan, kunis milikkita kana booda aboo dhiiraa jalatti hin bullu, mirga dhiiraa wajjin wal qixaa qabaachuu barbaanna malee jechuu ti, yookiis dhimmoota hedduu irratti immoo mirga dhiiraa olitti qabaachuu barbaanna

milikkita jechuu ti. Dubartiin uffata dhiiraa uffachuu itti baraa deemuudhaan gara sadarkaa qullaa buusuu irra geesse, mul'anni an dhuma irratti arge immoo dubartii keessa ba'uudhaan qullaa ishee erbee baala harbuu xiqqoo tokkoon dhokfatte ture. Mul'ata jal'ina jibbisisaa keessa ba'aa fi mulqama safuu hamaa guutummaa biyya lafaan arge.

Achiis mul'ata ja'affaan dubartiin hundarra bareedduu taate, garuu gara jabeettii taate tokko kaatee utuu Amerikaa irratti mootuun arge. Isheen aangoo guutuudhaan uummata harka keessa galfatte. Kun ka'umsa Waldaa Kaatolikii Roomaa akka ta'e nan amana, ta'us garuu mul'ata waa'ee dubartii tokkoo ishee sababa harka caalmaan filatamuu isheetiin Amerikaa keessatti aangoo guddaadhaan ka'uuf jirtu tokkoo ta'uus akka danda'u bareera.

Mul'anni inni dhumaa fi torbaffaan akkaataa an dho'iinsa baay'ee suukaneessaa takkaa ta'ee hin beeknee tokko itti dhaga'e ture. Yeroon garagalee ilaalu guutummaa lafa Amerikaa keessa caccabaa gamowwanii, lafa dhidhime fi aara malee homaa hin argine.

Mul'ata torban kana irratti hundaa'uun, jijjiirama ariifataa waggoota shantamman daraban keessatti addunyaa kanarra dhangala'e waliin, mul'anni kun hundinuu bara 1977tti akka raawwatu NAN TILMAAMA (raajiin dubbadhe miti). Haata'u malee ilaalacha dhugaa isa Yesuus 'guyyichas ta'e sa'aatii isaa namni tokko illee hin beeku' jedhee irratti hundaa'uudhaan tarii namoota baay'eetti yaadni kun dubbii itti gaafatamummaa of keessaa hin qabnedha miirri jedhu itti dhaga'amuu danda'a. Ani amma waggaa soddomni erga darbee iyyuu raaga kana nan labsa sababiin isaas, Yesuus namni kamiyyuu waggaa, ji'a, ykn torban dhufaatiin Isaa itti xumuramuu beekuu hin danda'u hin jenne. Kanaaf irran deebi'a, akka nama barataa dhuunfaa Dubbii Waaqayyoo ta'e tokkootti garaa koorraa amanee, geggeessaa Waaqummaatiin bara 1977tti sirnoonni biyya lafaa goolabamanii barkumeen akka seenuu nan labsa.

Amma mee kana nan jedha. Mul'atawwan sana keessaa dogoggora tokko namni mirkaneessuu danda'u jiraa? Hundi isaanii hin raawwatamnee? Eeyyee, tokkoon tokkoon isaanii raawwatamaniiru, ykn kaan ammaa adeemsarra jiru. Musolooniin Itoophiyaa weeraruutti ni milkaa'e, sana booda kufee guutummaa isaa dhabe. Hiitler waraana xumuruu hin dandeenye jalqabee dhoksaadhaan du'e. Koominiziimiin IIZIIMOTA lamaan hafan harkatti galfateera. Konkolaataan pilaastikii bubbeen guutamee hojjetamee daandii fooyya'aa qofa eegaa jira. Dubartoonni hunduu qullaa buusaniiru, amma waayyaa bishaan daakuuf oolu iyyuu mudhii ol qullaa uffachaa jiru. Guyyaa tokko barruu tokko keessattin uffatuman mul'ata koo keessatti arge sana (yoo kun uffata jechuu dandeessaniif ) arge. Innis gosa huccuu akka pilaastikii ifa of keessa dabarsuu yoo ta'u iddoo xixiqqoo sadii qofaatti kan dukkaneeffame ture, innis naannoo harma lamaanii waa xiqqoo kan haguugee ture, achiis gara jalaataatiin erbee xiqqoo tokkoon kan dukkaneeffame ture. Waldaan Kaatolokii ka'aa jirti. Pirezidaantii Kaatolikii tokko qabna, kan biraas akka qabaannu hin shakkisiisu.

Maaltu hafe ree? Ibroota 12:26 malee homtuu hin hafne.

> *"Yeroo sana sagaleen isaa lafa sochooseera; amma garuu, 'Ammas al tokko lafa sochoosuu duwwaa utuu hin ta'in, waaqas immoo nan sochoosa' jedhee abdachiiseera."*

Alanas Waaqayyo ammas lafa raasee waan ishee wajjin raafamee qabu hunda raasee in hiika. Sana booda lafa ni haaressa. Bitootessuma 1964 darbe kana qofa kirkirri lafaa gaafa Ayyaana Fannoo Alaaskaatti kan hin safaramne ta'us addunyaa guutuu raase. Waaqayyo garuu yeroo dhi'ootti maal akka hojjetu addunyaa raasuudhaan akeekkachiisaa ture. Inni biyya lafaa cubbuudhaan abaaramte kana dhodhoosuu fi raasuuf deema, kanaafis obboleessa koo, obboleettii koo iddoon rifaatuu sana dura dhaabbachuu danda'u iddoo tokko duwwaadha, innis karra Gooftaa Yesuus keessa dha. Amma yeroo araarri Waaqayyoo amma iyyuu siif ta'uu akka danda'utti sin kadhadha, jireenya kee guutuu Yesuus Kristoos Isa tiksee amanamaa ta'etti, Isa si fayyisee si kunuunsuutti, Isa nama mudaa hin qabne godhee ulfinatti ol si baasutti kennadhu.

**Ergamaa**

Bara jalqabaa isa Phaawuloos ergamaa itti ta'ee irraan kan hafe, ergamaa Waaqayyo gara isaatti erge barri dhugaatti isa bare jira yoo jedhame guddiseen mama. Bara sanattiyyuu ergamaa ta'uu isaatiif baay'een isaanii Phaawulosiif beekamtii hin kennine.

Amma barri nuti keessa jiraachaa jirru baay'ee gabaabaa ta'uuf deema.Wantoonni baay'een saffisaan raawwatamaa jiru. Egaa ergamaan bara Laa'odiiqeyaa kanaa amma as jiraachuu qaba, tarii ammatti isa hin beekne yoo taanes. Garuu yeroon inni itti baakamu dhuguma dhufuun isaa hon oolu. Amma isa kana mirkaneessuu nan danda'a sababiin isaas Caaffata Qulqullaa'aa keessaa tajaajila isaa kan ibsu waan qabnuuf.

Hunda dura, ergamaan sun raajii ta'uuf deema. Inni kennaa raajii ni qabaata. Inni tajaajila raajummaa ni qabaata. Innis hundee isaa Sagalee irratti jabeessee nama dhaabu ta'a sababiin isaas yeroo inni raajii dubbatu ykn mul'ata himu yeroo hundumaa "Sagalee irratti kan duufu" waan ta'uuf YEROO HUNDA ni

raawwatama. Akkuma inni jedhetti raawwachuu dubbii isaatiin akka raajiitti ni mirkaneeffama.

Raajii ta'uu isaatiif ragaan Mul'ata 10:7 irratti argama.

> *"Bara sagalee ergamaa torbaffaattii garuu yeroo inni sagalee dhageessisuu jalqabutti dhoksaan Waaqayyoo akkuma inni tajaajiltoota isaa raajotatti labsetti ni xumurama (KJV)" jedhe.*

Amma namni kun, inni lakkoofsa kana keessatti 'ergamaa (angel)' jedhamee waamamee kun hiikkaa Macaafaa 'King James Version (KJV)' keessatti ummama waaqarraa MITI. Ergamaan malakata ja'affaa hafuufaa jiru, inni uumama waaqa irraa Mul'ata 9:13 irratti argama, tartiibuma wal fakkaatuun inni torbaffaan Mul'ata 11:15 irratti argama. Inni kun as Mul'ata 10:7 irratti ergamaa bara torbaffaa waan ta'eef nama dha, innis ergaa Waaqayyoo biraa kan fiduudha, ergaan isaa fi tajaajilli isaa immoo dhoksaa Waaqayyoo akkuma taajiltoota Isaa raajotatti labsametti kan xumuru dha. Waaqayyo ergamaa bara dhumaa kana akka raajiitti kunuunsuuf deema SABABIIN ISAAS INNI RAAJII TOKKICHA waan ta'eef. Phaawulos bara jalqabaatti akkasuma ture, bara dhumaattis inni akkuma Phaawoloos in ta'a.

Amos 3:6-7,

> *"Fiinoon lolaa madara keessatti yeroo afuufamu namoonni hin wareeranii ree? Utuu Waaqayyo biraa hin dhufin, wanti hamaan madara tokko irra ga'aa ree?*
>
> *Waaqayyo gooftaan murtoo isaa isa dhokatee jiru hojjettoota isaa warra raajotatti utuu hin mul'isin, tokko illee hojii irra hin oolchu."*

Sagaleewwan qaqawwee torban Yesuus kan dhageessiffaman yeroo bara dhumaatti ture.

Mul'ata 10:3-4,

*@@"Sagalee guddaa akka sagalee Leencaa aaduutiinis in iyye. Yeroo inni iyye sanatti qaqawween torban sagalee isaanii in dhageessisan.*

*Akkuma isaan dubbataniin, ani waan isaan jedhan caafuufan ture; garuu sagalee waaqa keessaa, 'Wanta qaqawween torgan dubbatan cufii garaatti qabadhu malee hin caafin!' jedhu nan dhaga'e."@@*

Waan qaqawwee sana keessa ture eenyu illee hin beeku. Nuyi garuu beekuu qabna. Mul'ata argachuuf immoo raajiin tokko ni barabaachisa sababiin isaas Waaqayyo mul'ata Caaffata Qulqullaa'aa Isaa karaa raajii malee karaa biraa ittiin ifatti baasu waan hin qabneef. Dubbiin Waaqayyoo yeroo hundumaa karaa raajii dhufaa ture, fuukduratti yeroo hundumaa akkasuma ta'a. Kun seera Waaqayyoo akka ta'e irruma keessa Caaffata Qulqulla'aa qoruudhaaniyyuu ni beekama. Waaqayyo inni hin jijjiiramne karaa hin jijjiramneen bara sabni seera Waaqayyoo irraa goranii karaa irraa maqan hundaa keessatti yeroo hundumaa raajii Isaa ergaa ture. Hayyoonni ti'ooloojiis ta'e namoonni Dubbii Waaqayyoo irraa yeroo fagaatanitti, Waaqayyo yeroo hundumaa barsiisa sobaa sirreessuu fi namoota gara Waaqayyootti deebisuuf jecha tajaajilaa Isaa gara namoota kanaatti (gara warra ti'ooloojiitti utuu hin ta'in ) erga.

Kanaafuu ergamaan bara torbaffaa tokko dhufaa akka jiru argina, innis raajii tokkicha dha. Mul'ata 10:7 kana keessatti ergamaan kun dhufaa jiraachuu isaa qofa argina osoo hin taane, Sagalichi waa'ee Yesuus deebi'ee dhufuun dura Eliyaas dhufaa akka jiru yeroo dubbatu argina.

Maatewos 17:10-11,

> *"Kana booddee barattoonni, 'Egaa maaliif barsiisonni seeraa, 'Eliyaas dura dhufuutu ta'a' jedhu?' jedhanii gaafatan. Yesus immoo deebisee, 'Eliyaas waan hundumaa iddootti deebisuudhaaf dhufuun isaa beekamaa dha' jedhe."*

Dhufaatii Gooftaa keenyaa dura hojii waldaa keessaa iddootti deebuuf Eliyaas dhufuun dirqama.

Miilkiyaas 4:5-6 keessatti kana dubbata,

> *"Kunoo, guyyaan koo inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhufin dura ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga. Ani dhufee, lafa abaarsaan rukutee akkan hin balleessinetti, inni garaa abbootaa gara ijoollee isaaniitti, garaa ijoollees gara abboota isaaniitti in deebisa" jedha.*

Eliyaas dhufaatii Yesuus dura deebi'uu dhufuu akka qabu gonkumaa shakkiin hin jiru. Inni hojii murtaa'aa raawwachuu qabu of harkaa qaba. Hojiin sun qaama Miilkiyaas 4:6 isa, "*garaa ijoollees gara abboota isaaniitti in deebisa*" jedhuu ti. Sababiin inni kun yeroo inni itti wanta murtaa'aa ta'e itti raawwatuu ta'uu beeknuufis gar tokkee kutichaa isa, "*garaa abbootaa gara ijoollee isaaniitti in deebisa*" jedhu dursee waan xumureefi. Kunis Yeroo tajaajilli Eliyaas Yohaannis Cuuphaa keessa turetti raawwatame.

Luqaas 1:17,

*"Inni hafuuraa fi humna Eliyaas raajichi qaba ture in argata; yaada abbootaatii fi ijoollotaa walitti deebisuudhaaf, kan warra hin abboomamnees gara warra tolootaatti harkisuudhaaf, saba isaa gooftaa isaaniitiif kan qophaa'an gochuudhaafis gooftaa dura in deema" jedhe.*

Tajaajila Yohaannis keessatti "garaan abbootaa gara kan ijoolleetti deebi'e". Sana in beekna sababiin isaas Yesuus akkas jedheera. Garuu garaan ijoollee gara kan abbootiitti deebi'e hin jedhu. Sun amma illee hin raawwatamne. Garaan ijoollee guyyaa gara dhumaa gara garaa abboota Pheenxeqoostxeetti deebi'a. Ijoolleen karratti ol seenanii Yesuusiin akka simatamaniif Yohaannis abbootii Yesuusiif qopheesse. Amma raajiin Hafuurri Eliyaas irra bu'u kun ijoolleen deebisanii Yesuusiin akka simataniif isaan qopheessa.

Yesuus Yohaannis Cuuphaa Eliyaas jedhee waame.

Maatewos 17:12,

*"Ani garuu Eliyaas kanumaan dura iyyuu akka dhufe isinittan hima; namoonni waanuma jaallatan isa irratti hojjetan malee isa hin hubanne."*

Sababiin Inni Yohaannisiin Eliyaas jedhee waameef, Hafuurri innumti erga mootiin Ahaab mo'ee booda Elsaa'i irra bu'e Hafuurri Eliyaas sun Yohaannis irrattiss waan deebi'ee bu'eefi. Deebi'ee dhufuu Yesus dura ammas Hafuurichi deebi'ee nama biraa irra ni bu'a. Namni sunis raajii ta'a. Inni raajii raajummaa isaa Waaqayyo mirkaneessu ta'a. Yesus, ofii isaatii, fooniin, isa mirkaneessuuf as waan hin jirreef, (akka Yohaannis mirkaneessetti) tajaajilli raajii isa kanaa bakkaatti baafamee mul'achuu hojii hafuuraa guddaa fi dinqisiisaadhaan waan raawwatuuf Hafuura Qulqulluudhaan in mirkanaa'a. Akka raajii tokkootti mul'anni isaa hundi ni raawwatama. Hojiin humnaa dinqisiisoon amantiidhaa yeroo inni abboomutti ni raawwatamu. Sana booda ergaan Waaqayyoo Sagalicha keessatti namoota gara dhugaa fi humna Waaqayyoo isa dhugaatti akka deebisuuf isaaf kenne ba'ee in mul'ata. Gariin isa ni dhaggeeffatu, garuu harki caalaan isaanii isa gananii dhugaa irraa ni dheessu.

Ergamaan raajii Mul'ata 10:7 kun kan Miilkiyaas 4:5-6 wajjin tokko yoo ta'u uumamaan akkuma Eliyaasii fi Yohaannis ta'a. Lamaanuu namoota manneen barnoota amantii fudhatama qaban irraa adda baafamanii kan turanidha. Lamaanuu namoota lafa onaa keessa jiraatani dhat. Lamaanuu kan hojiitti galana yeroo, "Kana Gooftaatu dubbate jedhi" kan jedhu kallattiidhaan Waaqayyo irraa mul'ataan isaaniif dhufutti qofa ture. Lamaanuu seera dhaabbata amantii fi geggeessitoota biyyaa bara isaanii irratti dhukaasa jechaa (lash out) banan. Kana malees warra waan hmaa hojjetan ykn warra waan hamaa nama hojjechiisanittis in dheekkaman. Akkasumas hubadhaa, lamaan isaanii dubartoota safuu hin qabnee fi akkaata jireenya isaaniitiin kan mormu raajii baay'ee dubbatananiiru. Eliyaas Iizaabelittii iyyeee dheekkame, Yohaannis immoo Heroodiyaas haadha manaa Filiphoosiin ifate.

Inni nama beekamtii qabu ta'uu baatus, inni Waaqayyoon kan mirkanaa'u ta'a. Akkuma Yesus Yohaannis mirkaneesse, akkasuma Hafuurri Qulqulluunis Yesuusiin mirkaneesse, namni kun hundumaa dura Hafuurichi jireenya isaa keessatti hojii humnaa hin mamamnee fi bakka biraatti hin argamne hojjechuudhaan mirkanaa'a jennee nama kana eeguu dandeenya; Yesus mataan isaa, deebi'ee, akkuma Yohaannisiif mirkaneessetti isas ni mirkaneessa. Yohaannis Yesus dhufaa akka jiru dhugaa ba'eera,—namni kunis akkasuma in ta'a, akkuma Yohaannis dhufaa jiraachuu Yesuus dhugaa in ba'a. Akkasumas deebi'ee dhufuudhumti Kiristoos iyyuu namni kun dhufaatii Isaa isa lammaffaatiifa nama karaa ciraa ture ta'uu isaa mirkaneessuuf jira. Kun egaa inni raajii Miilkiyaas boqonnaa 4 ta'uu isaa kan mirkaneessu ragaa isa dhumaa ta'a, sababiin isaas dhumni bara Ormootaa Yesuus Ofii Isaatii mul'achuu isaatiin xumurama waan ta'eef. Sana booda warra isa amanuu didanii isa tuffatanitti aduun ni dhiiti.

Waa'ee raajii bara dhumaa kanaa caalaatti qulqulleessuuf, raajiin inni kan Maatewos 11:12 Yohaannis Cuuphaa akka ture, innis Miilkiyaas 3:1 irratti duraan dursamee karaa raajii akka dubbatame haa hubannu.

Miilkiyaas 3:1,

*"Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Kunoo, ani ergamaa koo isa karaa anaaf qopheessu of dura nan erga; dingatas gooftichi inni isin barbaaddan sun gara mana qulqullummaa isaa in dhufa; kunoo, ergamaan kakichaa inni isin hawwitan sun in dhufa' jedha."*

Maatewos 11:1-12,

*"Yesus bartoota isaa kudha lamaan ajajuu erga raawwatee booddee, mandaroota jaraatti barsiisuudhaa fi lallabuudhaaf karaa isaa itti fufe.*

*Yohaannis cuuphaan utuu mana hidhaa jiruu, hojii Masiihichi hojjete hundumaa dhaga'ee, karaa bartoota ofii isaatii Yesusitti dhaamsa ergee, 'Kan dhufuudhaaf jiru si'i moo? Yookiis*

*kan biraa eeggannu?' jedheen.*

*Yesus immoo deebisee, 'Deebi'aa! Waan dhageessan, waan argitanis Yohannisitti himaa!*

*Kan jaaman in argu, kan hokkolan in deemu, kan lamxaa'an in qullaa'u, kan duudan in dhaga'u, kan du'an in ka'u, hiyyeessotaafis misiraachoon in lallabama.*

*Namni Waa'ee kootiif abdii hin kutanne, gammachuu attamii qaba' isaaniin jedhe.*

*Warri ergaman kunis erga deebi'anii, Yesus waa'ee Yohannis cuuphaa namootatti dubbachuu jalqabee, 'Maal arguu Yohannis bira gara lafa onaa dhaqxan? Jajjaba qilleensi raasuu?*

*Yookiis maal ilaaluudhaaf baatan? Nama uffata miidhagaadhaa fi dhagnatti tolu uffatee? Warri uffata mimmiidhagaadhaa fi dhagnatti tolu uffatanoo mana moototaa jiru.*

*Egaa maaliif baatan? Raajii ilaaluudhaafii? Eeyyee, isiniinan jedha raajii irra iyyuu kan caaluu dha.*

*Caaffanni qulqullaa'aan waa'ee isa kanaatiif, 'Ilaa ergamaa koo karaa kee akka siif qopheessuuf si dura nan erga' jedhee dubbateera. Dhuguman isiniin jedha, nama ta'ee lafa irratti kan dhalate keessaa, Yohannis cuuphaa irra kan caalu takkaa hin kaane; garuu mootummaa waaqaatti inni hudumaa irra xinnaatu iyyuu isa irra in caala' jedhe."*

Kun duraan durseee raawwatameera. Inni kun ta'ee darbeera. Inni kun xumurameera. Garuu amma Miilkiyaas 4:1-6 irra kan jiru qalbeeffadhaa,

*"Waaqayyo gooftaan maccaa, 'Kunoo guyyaan akka iddoo ibiddaa gubu in dhufa; yommus warri koortuunii fi warri hamaa hojjetan hundinuu akka cidii in ta'u; guyyaan dhufu sun isaan in guba; hidda yookiis damee isaaniif hin hambisu.*

*Isin warra maqaa koo sodaattaniif garuu aduun qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of keessaa qabu isiniif in ba'a; akka jabbii goorana keessaa ba'ees gad baatanii in burraaqxu;*

*Isin yommuus warra hamoota in dhidhiittu; isaanis guyyaa ani waan kana godhutti koomee keessan jalatti daaraa in ta'u; kana ana Waaqayyo gooftaa maccaatu dubbate.*

*'Barsiisa garbicha koo Musee, seerrataa fi wanta ana Waaqayyo duratti qajeelaa ta'e, isa ani tulluu Horeeb irratti guutummaa Israa'eliif isatti kenne yaadadhaa!*

*Kunoo, guyyaan koo inni guddaanii fi inni sodaachisaan sun utuu hin dhufin dura ani Eliyaas raajicha isiniif nan erga.*

*Ani dhufee, lafa abaarsaan rukutee akkan hin balleessinetti, inni garaa abbootaa gara ijoollee isaaniitti, garaa ijoollees gara abbboota isaaniitti in deebisa' jedhe."*

Ilaalaa, battaluma dhufaatii Eliyaas ISA KANAA booda, lafti ibiddaan qulqulloofti, jal'oonnis gubatanii daaraa ta'u. Dhugaadha, kun bara Yohaannisitti ( inni Eliyaas isa bara sanaaf ergame ture) HIN raawwanne. Hafuurri Waaqayyoo inni waa'ee dhufaatii ergamaa Miilkiyaas 3:1 (Yihaannis) raajii dubbate garuu raajii waa'ee isaa isa duraan Isaayaas 40:3 irratti yoo xiqqaate jaarraa sadii dura dubbatame irra deebi'ee ibse.

*"Sagaleen nama lafa onaa keessaa lallabu tokkoo, 'Waaqayyoof karaa tolchaatii haraa, lafa duwwaa keessattis karaa gooftaan keenya irra adeemu qajeelchaa!' in jedha."*

Amma Yohaanis, Hafuura Qulqulluudhaan, Maatewos 3:3 irratti Isaayaasii fi Miilkiyaas lamaan isaaniif sagalee kenneera,

*"Isaayaas raajichi, 'Sagaleen lafa onaa keessaa in iyya; dhaga'aa dhaggeeffadhaa, gooftichaaf karaa tolchaatii haraa, daandii inni irra adeemus qajeelchaa' yommuu jedhe waa'ee namichaa dubbate."*

Kanaafuu Caaffata Qulqilla'oo kanneen irraa akka gaariitti hubachuu kan dandeenyu, raajiin Miilkiyaas boqonnaa 3 irratti waa'een isaa dubbatame Yohaannis yoo ta'u innis raajii waa'een isaa Miilkiyaas 4 irratti dubbatamee wajjin tokko hin miti, haata'u iyyuu malee, dhugaadha, Yohaannisis ta'e raajiin guyyaa gara dhumaa kun lamaan isaanii Hafuurichuma isa Eliyaas irra ture of irraa kan qabani dha.

Amma ergamaan Miilkiyaas 4 fi Mul'ata 10:7 kun waan lama hojjechuuf deema. Tokko: Akka Miilkiyaas 4tti garaa ijoollee gara garaa abbootiitti deebisa. Lama: Inni dhoksaa qaqawwee torban Mul'ata 10 keessatti dhaga'aman ta'anii mul'atawwan mallattowwan torbanii keessatti hammatamanii ifatti baasee mul'isa. 'Dhugaa-dhoksaa' Waaqummaan mul'atan kanatu ifaan ifatti garaa ijoollee gara abbootii

Pheenxeqoosxeetti deebisa. Sirriitti akkasuma.

Garuu kanas fudhaatii ilaalaa. Ergamaan-raajiin kun haalli uumamaa isaa fi haalli amala isaa akkuma Eliyaasii fi Yohaannis ta'a. Sabni guyyaa raajii-ergamaa kanaa akkuma warra bara Ahaabii fi bara Yohaannis keessa turanii ta'u. Akkasumas kan garaan isaanii geeddaramu "IJOOLLEE QOFA" waan ta'aniif, kan isa dhaggeeffatus ijoollee qofa ta'a. Bara Ahaab keessatti sanyiin Israa'eloota dhugaa 7000 qofaatu argaman. Bara Yohaannis keessas baay'ee muraasa turan. Namoonni sonaan baay'een bara sana keessa turan ejja waaqa tolfamaa keessa turan.

Ergamaa-raajii Laa'odiiqeyaa fi Yohaannis, ergamaa-raajii dhufaatii Yesuus isa jalqabaatiif karaa qopheessee gidduu hariiroo jiru tokkon itti dabaluu barabaada. Namoonni bara Yohaannis keessa turan ati Masiihicha jedhanii dogoggorsan.

Yohannis 1:19-20,

*"Yeroo Yihudoonni Yerusaalemii lubootaa fi Lewwoota Yohaannisitti erganii, 'Ati Eenyu?' jedhanii isa gaafachiisanitti, Yohaannis, utuu hin haalin, 'Ani Kiristos isa abdachiifame miti' jedhee mul'isee dhugaa ba'e."*

Amma raajiin-ergamaan guyyaa dhumaa kun Gooftaa duratti humna akkasii waan qabuuf warri Gooftaa Yesuus jedhanii dogoggorsan ni jiraatu.

(Hafuurri biyya lafaa keessaa ka'ee namoota gariin sossobee kana akka amanana godhu tokko ni jiraata.

Maatewos 24:23-26,

*"Egaa yeroo sanatti namni, 'Ilaa Masiihiin as jira' yookiis 'Achi jira' yoo isiniin jedhe hin amaninaa! Masiihonni sobaatii fi raajonni sobaa ka'anii yoo dandaa'ame warra Waaqayyoof fo'aman iyyuu akka wallaalchisaniif milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee in argisiisu.*

*Kunoo, ani duraan dursee isinitti himeera. Kanaafis, 'Kunoo, lafa onaa keessa jira' yoo isiniin jedhan gad hin ba'inaa; 'Kunoo, mana keessa gola jira' yoo isiniin jedhanis hin amaninaa!")*

Isin garuu hin amaninaa. Inni Yesuus Kristoos miti. Inni Ilma Waaqayyoo miti. INNI OBBOLOOTA KEESSAA TOKKO; INNI RAAJII, ERGAMAA, HOJJETAA WAAQAYYOO TI. Yohaanis sagalee "Ani Isa miti, GARUU INNI ANA BOODAAN DHUFAA JIRA" jedhee yeroo iyyetti ulfina inni argatee caalaatti ulfina isa kanaaf kennuun hin barbaachisu.

Mata duree xiqqaa waa'ee ergamaa bara Laa'odeeqiyaa kanaa cufuun dura, yaadota lamaan kana cimsinee ilaaluu qabna. Tokkoffaa, barri kun Raajii-Ergamaa TOKKO ni qabaata. Mul'ta 10:7 keessatti, "Yeroo inni (qeenxee dha) sagalee dhageessisuu jalqabu" jedha. Barri Waaqayyo saba Isaatiif raajota gurguddoo lama al tokkotti kaase gonkumaa hin jiru. Henok (qofaa isaa) kaase; Nohiin (qofaa isaa) kaase; Musee qofaa isaa kaase (warri kaan raajii yoo dubbatan iyyuu Sagalicha kan of harkaa qabu isa qofa ture); Yohaannis Cuuphaan QOFAA isaa dhufe. Amma bara dhumaa kana keessatti RAAJIIN tokko in jiraata (raajittii miti—bara kana keessa dubartoonni mul'ata Waaqayyoo himuudhaan dhiirotarra haa caalan iyyuu malee), Sagalee dogoggora hin qabneen dhoksaa bakkeetti baasee namoota bara dhumaatti akka mul'isu dubbata, garaa ijoollee gara garaa abbootaatti ni deebisa.

Namoonni Waaqayyoo karaa mul'ata walootiin walitti qabamuuf deemu kanneen jedhan jiru. An yaada hima sanaa nan morma. Innis ija Mul'ata 10:7 duratti tilmaama moluu, kan sirrii hin taane dha. Amma namoonni bara dhumaa kana keessatti raajii dubbatanii fi tajaajilli isaaniis sirrii ta'uu akka danda'u ani hin haalu. Ani akkuma bara Phaawuloos, "Raajiin Agaabos jedhamu tokko waa'ee beelaa raajii dubbatee" tureetti ammas jiraachuun raajotaa waan haalamu miti. Raajonni jiraachuu irratti walii nan gala. GARUU DHOKSAA AKKA SAGALICHA KEESSATTI ARGAMUUTTI KAN MUL'ISU, AKKSUMAS GARAA IJOOLLEE GARA GARAA ABBOOTAATTI DEEBISUUF TAJAAJILA KAN QABU RAAJIIN-ERGAMAAN GUDDAA TA'E TOKKOO OL JIRA YAADA JEDHU SAGALEE WAAQAYYOO ISA HIN MAMSIIFNE IRRATTI HUNDAA'EE ITTIIN NAN MORMA. Inni "Gooftaan akkas jedha" jechuudhaan Sagalee Waaqayyoo isa hin kufne irra in dhaabata, fuulduratti kanaan in dhaabata, ni mirkanaa'as. Bara kanaaf kan ergamu ergamaa-raajii tokko duwwaatu jiraata.

Amala namaa qofa irratti hundaa'uudhaa, bakka namoonni baay'een walitti qabamanii jiranitti qabxiilee xixiqqoo doktriinii guddaa namoonni sun hundi waliin qaban irratti iyyuu yaada garaa garaa akka qabaatan eenyuyyuu ni beeka. Egaa eenyutu humna hin mamsiifne isa bara dhumaa kanatti Misirroo Sagalee Qulqulluu taate bakkeetti baasee mul'isuudhaan iddootti deebisee ishee dhaabu qabaata? Kana jechuun ammas Sagalicha akkuma guutummaatti kennameetti, akkasumas akkuma bara Phaawuloositti guutummaatti hubatameetti in arganna jechuu dha. Eenyu akka isa qabaatu isinittan hima. Innis raajii sirriitti mirkaneeffame, yookaan raajii Henok irraa kaasee hanga har'aatti turan hundumaa caalaatti kan mirkaneeffame ta'a, sababiin isaas tajaajilli nama kanaa raajummaa hojii xumuraa ijaarsa manaa

(capstone) qabaachuu qaba waan ta'eef, Waaqayyos isatti in argarsiisa. Inni ofii isaatiif dubbachuun isa hin barbaachisu, Waaqayyo milikkita sagaleetiin isaaf in dubbata. Ameen.

Yaadni lammaffaan laphee keenya irratti maxxanuu qabu, baroonni waldaa torban adeemsa kan jalqaban hafuura mormituu Kristoos akkasumas Hafuura Qulqulluu isa bara baraan eebbifamuu ta'uuf wajjin ta'uu isaa ti.

1Yohannis 4:1,

*"Michoota ko! Warra hafuuraan ni dubbanna jedhan hunda hin amaninaa, Waaqayyo biraa yoo ta'an hafuurota isaan ittiin dubbatan qoraatii ilaalaa malee, raajonni sobduun baay'een gara biyya lafaatti ba'aniiru."*

Hubattaniittuu? Hafuurri mormituu Kiristoos raajota sobduutiin adda baafama. Baroonni raajota sobduu wajjin itti seenan raajota sobduu wajjinis in xumuramu. Dhugaadha RAAJII SOBA INNI DHUGAAN tokko akkaataa miira guddaadhaan waa'een nama sanaa Mul'ata keessatti caqasameen ka'uuf jirra. Ammaaf garuu mul'ata isaa dura raajonni sobduun baay'een in ka'u.

Maatewos 24:23-26,

*"Egaa yeroo sanatti namni, 'ilaa Masiihiin as jira' yookiis 'achi jira' yoo isiniin jedhe hin amananinaa!*

*Masiihonni sobaatii fi raajonni sobaa ka'anii yoo dandaa'ame warra Waaqayyoof fo'aman iyyuu akka wallaalchisaniif milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee in argisiisu.*

*Kunoo, ani duraan dursee isinitti himeera.*

*Kanaafis, 'Kunoo, lafa onaa keessa jira' yoo isiniin jedhan gad hin ba'inaa; 'Kunoo, mana keessa gola jira' yoo isiniin jedhanis hin amaninaa!*"

Raajota sobduu kana irraa akka of eeggannuuf Caaffata Qulqullaa'oo garagaraa kanneen armaan gadii keessattis nuuf eerameera.

2Phexros 2:1-2,

*"Akkuma raajonni sobduun saba sana gidduu turan, akkasuma barsiisonni sobduun isin gidduu in jiraatu. Isaan warra utuu irratti hin beekamin, barsiisa wanta amaname irraa kaachisee nama balleessu fidanii, goofticha isa isaan fure iyyuu gananii, ofii isaanii irratti badiisa ariifachiisaa fidanii dha.*

*Namoonni baay'eenis gad-dhiisatti jiraachuu isaanii kana duukaa bu'u; sababii isaaniitiifis karaan dhugaa sun maqaa gadhee in argata.*"

2Ximotewos 4:3-4,

*"Barri itti namoonni barsiisa sirrii fudhachuu jibban dhufuuf jira; bara sana akka hawwa isaaniitti, barsiisota wanta gurra isaaniitti tolu isaan barsiisan walitti in sassaabbatu.*

*Isaan dubbii dhugaa dhaga'uu irraa garagalanii, gara mammaaksa amantiitti in goru.*"

1Ximotewos 4:1,

*"Bara booddeetti namoonni tokko hafuurota wallaalchisoodhaa fi barsiisa hafuurota hamootaa duukaa bu'anii, amantii wangeelaa irraa akka garagalan; hafuurri qulqulluun keessaa baasee in dubbata."*

Amma haala hundumaa keessatti raajii sobduun nama Sagalee Waaqayyoon ala jiru akka ta'e hubadhaa. Akkuma isa 'mormituu Kiristoos' jechuun 'mormituu Sagalichaa' akka ta'e isinitti argasiifne, raajonni sobduunis Sagalicha micciiranii dhufu, dhumarrattis hiika gara seexanaatti geessu Sagalichaitti kennu. Namoonni saba karaa irraa kaachisan kun akkamitti akka saba sodaachisanii of biratti hidhan yaadaan qabdanii beektuu? Namoonni sun waan isaan dubbatan hin raawwatan yoo ta'e, ykn isaan biraa gadi dhiisanii yoo ba'an badiisatu isaanitti dhufa jedhanii itti raaju. Isaan raajota sobduu dha, sababiin isaas raajiin dhugaan yeroo hundumaa gara Sagalichaatti nama geggeessee saba Yesuus Kiristoositti hidhee waan Sagalichi jedhu sodaadhaa jedha malee, sabni akka isa ykn waan inni dubbatu sodaatu hin ajaju. Namoonni akka Yihudaa kun horii barbaacha manaa akka ba'an hubadhaa. Waan qabdan hunda gurgurtanii isaanii fi dhaabbilee isaaniitiif akka kennitan isin abboomu. Yeroo isaanii Dubbii Waaqayyoo barsiisuu irra buusii funaanuudhaan dabarsu. Warri kennaadhaan hojjechuuf yaalanis kennaa isaan keessa jiru kan doggora wayii qabutti fayyadamanii ergasii horii ni gaafatu, akkasitti Sagalicha in ganu gochichaan immoo kan Waaqayyoo ti jedhu. Namoonnis karaichi gara du'aatti kan geessu ta'uu osoo hin beekin isaan bira dhaqanii isaan bira dhaabattu, isaan deeggaru, isaan amanus.

Eeyyee, lafti namoota fooniin itti fakkeessaniin guutuu dha. Guyyaa gara dhumaatti raajii-ergamaa sanaa akkeessuuf ni yaalu. Ilmaan Iskoyaas torban Phaawoloosiin akkeessuu yaalan. Simoon namichi qoricha namatti godhu sun Pheexrosiin akkeessuuf yaaleera. Fakkeessuun isaanii kan foonii ta'a. Isaan waan raajiin dhugaa tokko oomiishu oomiishuu hin danda'an. Yeroo raajiin inni dhugaan haaromsi xumurameera jedhutti saba gidduu asii fi achi deemanii Waaqayyo saba gidduutti waan guddaa fi ajaa'ibsiisaa hojjechuuf akka jiru mul'ata guddaa fi sirrii ta'e qabna jedhu. Sabnis yaadichatti in kufa. Raajonni sobduun kun ergamaan guyyaa dhumaa kun nama ti'ooloojii miti waan ta'eef dhaggeeffatamuu hin qabu jedhu. Isaan ija ergamichi godhatu godhachuu hin danda'an; akka raajii guyyaa dhumaa sanaatti Waaqayyoon kan mirkaneeffamaman hin ta'an, garuu dubbii gowwummaa isaanii isa guddisanii ittiin of jajanii fi beekamtii addunyaalessaa qabanitti dhimma ba'uudhaan nama sana (ergamicha) namoonni akka hin dhageenye ni akeekkachiisu, inni barsiisa sobaa barsiisa jechuuf jiru. Isaan dhugumatti gara abbootiin isaaniitti, gara Fariisotaatti, gara warra ilmaan Seexaanaa ta'aniitti, gara warra Yohaannisis ta'e Yesuus dogoggora barsiisan jedhaniitti fiigaa jiru.

Amma raajonni sobduun kun maaliif raajii dhugaa kanaan mormanii barsiisa isaa maqaa balleessu? Sababni isaas akkuma abbootiin isaanii bara Ahaab Miikiyaasiin mormanii gochuuf fiigaa jiru. Isaa raajota dhibba afur kan turan yoo ta'u, hundumti isaanii walii galtee qabu turan; hundi isaanii waan wal fakkaataa dubbachuudhaan saba gowwomsan. Garuu raajiin TOKKO—tokko qofti—sirrii ture, warri hafan garuu sobdoota turan sababiin isaas Waaqayyo mul'ata isa TOKKICHA QOFAATTI dabarsee waan kenneef.

Raajonni sobduun yeeyyii butatoo waan ta'aniif, isaan irraa of eeggadhaa.

Yoo amma iyyuu waa'ee kanaa shakkii keessa jirtu ta'e, Waaqayyo Hafuura Isaatiin akka isin guutee isin geggeessuuf kadhadhaa, WARRI FO'AMAN HIN GOWWOMFAMAN WAAN TA'EEF. Isiniif galeeraa? Namni isin gowwomsuu danda'u hin jiru. Utuma sobduu ture ta'ee iyyuu, Phaawuloos warra fo'aman keessaa tokko illee gowwumsuu hin danda'u. Bara Efesoon isa jalqabaattis warri fo'aman ergamootaa fi raajota sobduu qoranii sobdoota ta'uu isaanii baranii waan gadi isaan yaasaniif gowwomfamuu hin hin gowwomfamne. Haaleeluyyaa. Hoolonni ISAA sagalee Isaa dhaga'anii ISA duukaa in bu'u. Ameen. An nan amana.

**Nagaa**

Mul'ata 3:14,

> *"Ergaa kana isa karaa isaa wanti hundinuu "Ameen" jedhamu, dhuga-baatuu isa amanamaa, isa dhugaadhaaf dhugaa ba'u, isa wanti Waaqayyo uume hundinuu biraa ka'e sanatu erge' jedhii caafi!"*

Yaa Waaqa ko, kun ibsituu amaloota jaallatamaa Gooftaa fi Fayyisaa keenya Yesuus Kiristoos isa dinqisiisaa qixxee hin qabnee mitii? Jechoonni kunneen amma iyya na kajeelchisaa jiru. Isaan hafuuraa dhugaa akkasii gara laphee kootti fidu. Mul'ata Hafuuraa gadi fageenyaan isaan irratti ta'u illee osoo hin eegin akkasumaan dubbisuun qofti na gammachiisa.

Yesus bara dhumaa wajjin wal qabsiisee ibsituu ofii isaa nuuf kennaa jira. Barri ayyaanaa xumuramaa jiru. Inni jaarraa tokkoffaa irraa kaasee hanga digdamaffaatti ilaalee, baroota kana ilaalchisee waan hundumaa nutti himee jira. Amaloota bara dhumaa nutti mul'isuun dura, Waaqummaan Isaa inni ayyaana qabeessii fi inni hudumaa gararraa maal akka fakkaatu isa xumuraa nuuf kenna. Kun mul'ta xumuraa (capstone) waa'ee Ofii Isaati.

Kana "AMEEN"tu dubbate. Yesuus Ameen Waaqayyoo ti. Yesuus, "Haa Ta'uu" Waaqayyoo ti. Ameen jechuun xumura jechuu dha. Ameen jechuun raggaasifamuu jechuu dha. Inni kakuu olaantummaa qabuuf dhaabata. Inni kakuu hin jijjiiramneef dhaabata. Inni mallatoo Waaqayyootiif kan dhaabatu dha.

Amma kana of eeggannoodhaan ilaaltanii waan dhuguma mi'aawaa fi bareedaa ta'e akka argitan nan barbaada. Inni kun mul'ata bara dhumaa isa waa'ee Ofii Isaati jedhee dubbadheera. Barri aayyaanaa yeroo cufamutti, sana booda barkumeen ariifatee in dhufa, akkas mitii ree?

Tole, Isaayaas 65:16-19tti walii wajjin haa dubbifnu.

> *"Dhiphinni inni durii irraanfatamee ija koo duraa waan dhokateef, namni biyyicha keessatti of eebbisu, Waaqayyo isa dhuga-qabeessaan of haa eebbisu! Namni biyyicha keessatti kakatu, ana Waaqayyo isa dhuga-qabeessaan haa kakatu!*
>
> *Waaqayyo, 'Kunoo, ani bantiiwwan waaqaa haaraa fi lafa haaraa nan uuma; wanti dur ta'e hin yaadatamu, inni darbes yaada namaa keessa hin dhufu.*
>
> *Kunoo, ani Yerusaalemin mandara nama gammachiiftu, saba ishees warra gammadan waanan godhuuf, isin wanta ani uumutti bara baraan gammadaa, ililchaas!*
>
> *Yommus ani mandara Yerusaalemitti saba koottis nan gammada; sagaleen boo'ichaa fi*

*sagaleen iyyaa si'achi ishee keessatti hin dhaga'amu' jedhe.*"

Kun waa'ee Yerusaalem ishee haaraa ti. Kun waa'ee bar-kumee ti. Garuu yeroo barkumeetti galuuf deemnutti Waaqayyo Waaqayyoo akkamii akka ta'uuf jiruu waan Inni dubbatu dhaggeeffadhaa, lakkoofsa 16,

*"Namni biyyicha keessatti of eebbisu, Waaqayyo isa dhuga-qabeessaan of haa eebbisu!"*

Eeyyee, sun dhugaa dha, garuu hiikni dhugaan, "Waaqayyo isa dhuga-qabeessa" jechuu miti. Hiikni sirriin, "Waaqayyo isa AMEENII" ti. Kanaafuu amma bakka buufnee haa dubbufnu, "Dhiphinni inni durii irraanfatamee ija koo duraa waan dhokateef, namni biyyicha keessatti of eebbisu, Waaqayyo isa AMEENII dhaan of haa eebbisu! Namni biyyicha keessatti kakatu, ana Waaqayyo isa AMEENII dhaan haa kakatu! Waaqayyo, 'Kunoo, ani bantiiwwan waaqaa haaraa fi lafa haaraa nan uuma; wanti dur ta'e hin yaadatamu, inni darbes yaada namaa keessa hin dhufu. Kunoo, ani Yerusaalemin mandara nama gammachiiftu, saba ishees warra gammadan waanan godhuuf, isin wanta ani uumutti bara baraan gammadaa, ililchaas! Yommus ani mandara Yerusaalemitti saba koottis nan gammada; sagaleen boo'ichaa fi sagaleen iyyaa si'achi ishee keessatti hin dhaga'amu' jedhe." Haaleeluyaa. Kunoo Yaahween Kakuu Moofaa, "Waaqayyo isa Ameenii" ti. Kunoo Yesuus inni Kakuu Haaraa, "Waaqayyo isa Ameenii" ti. Yaa Israa'el dhaga'i Waaqayyo Gooftaan kee Waaqa TOKKICHA. Ammas akkasuma, Yaahween Kakuu Moofaa keessaa Yesuus isa Kakuu Haaraa keessaa ti. "Yaa Isaraa'el dhaga'i! Waaqayyo Gooftaan kee Waaqa TOKKO dha." Kakuun Haaraa Waaqa KAN BIRAA agarsiisa miti, mul'ata dabalataa waa'ee WAAQAYYO ISUMA TOKKICHA SANAATI malee. Kiristoos Ofii Isaa beeksisuuf gadi hin buune. Inni Ilma mul'isuuf hin dhufne. Inni Abbaa mul'isuu fi beeksisuudhaaf dhufe. Inni gonkumaa waa'ee Waaqolii lamaa hin dubbanne ; waa'ee Waaqa TOKKOO dubbate malee. Amma immoo bara isa dhumaa kana keessatti, gara mul'ata isa xumuraatti, gara mul'ata Waaqayyuummaa guutuummaa Macaafa Qulqulluu isa hunda caalaa barbaachisaa ta'eetti deebineerra, jechuunis, YESUUS WAAQAYYO DHA, ISAA FI ABBAAN TOKKO: WAAQAYYO TOKKOTU JIRA, MAQAAN ISAAS GOOFTAA YESUUS KIRISTOOSI DHA.

Inni Waaqayyo isa Ameenii ti. Inni gonkumaa hin jijjiiramu. Wanti Inni hojjetu gonkumaa hin jijjjiiramu. Wanti Inni jedhu jabaatee in dhaabata. Inni jabaatee ni dhaabata, bara baraanis akkasuma in ta'a. Wanta Inni dubbatu irraa hir'isuunis ta'e itti dabaluun hin danda'amu. Akkasuma haa ta'uu dha. Ameenii dha. Akkasuma haa ta'u. Waaqayyo akkasii tajaajiluu keessanitti hin gammaddanii ree? Yeroo kamuu fi yeroo hundumaattuu Isaa wajjin jiraannaan eessa akka jirtan sirriitti beekuu dandeessu. Inni Waaqayyo Ameenii waan ta'eef hin jijjiiramu.

" *Kana isa Ameeniitu dubbate."*

Sana nan jaalladha. Wanti Inni dubbate hunduu xumuramaadha jechuu dha. Waa'ee waldaa dhugaa ishee kan Ofii Isaatii fi waa'ee muka wayinii sobaa wanti Inni bara jalqabaa fi isa lammaffaatti, bara hundumaattis dubbate hundi sirriidha hin jijjiiramus jechuu dha. Macaafa Seera Uumamaatiin isa jalqabe Macaafa Mul'ataatiin xumura jechuudha. Inni Ameenii waan ta'eef kana in raawwata, AKKASUMA HAA TA'U. Seexanni maaliif akka Macaafa Uumamaa fi Macaafa Mul'ataa jibbu ammas irra deebinee ilaaluu dandeenya. Seexanni dhugaa jibba. Dhugaan akka mo'u ni beeka. Dhumni isaa maal akka ta'uuf jiru ni beeka. Inni akka malee lola. Nuti garuu isa mo'atu bira jirra. Nuti (warri Dubbii Isaatti amannu qofti) Ameenii wajjin jirra.

"*Kana isa amanamaa fi isa dhuga-baatuu dhugaa ta'etu dubbate*." Amma yaada "amanamaa" jedhu keessatti waanan argadhe isinitti agariisuun barbaada. Yeroo baay'ee waa'ee Waaqayyoo guddaa Isa hin jijjiiramnee, Isa Dubbiin Sagalee Isaa hin jijjiiramnee akka dubbannu ni beektu. Amala sanaan waa'ee Isaa yeroo dubbannutti yeroo baay'ee akkuma waan Inni oo'a namaaf hin qabnee fakkeessina. Innis akka waan Waaqayyo guutummaa bantii waaqaa fi seera inni ittiin dhaabatuu uumee, ergasiis Waaqayyo oo'a dhabeessa ta'ee duuba dhaabatuu ti. Akka waan Waaqayyo ilmaan namootaa badaniif karaa fayyinaa baaseefii, karichis fannoo ta'ee, yeroo duuti Kiristoos cubbuu keenyaaf araara godhettis, du'aa ka'uun Isaas gara Isaatti akka galluuf balbala nuuf baneetti, akka waan Waaqayyo harka maratee duuba dhaabbatee ilaalee ti. Akka waan Uumaa guddaan, uumama uumee ka'ee uumama Isaa irraa fedhii dhuunfaa dhabeetti amananii waraqaa qoranoo hojjetanii ittiin eebbifamuu ti. Amma namoonni baay'een akkasitti akka yaadanidha kanan dubbadhe. Sun garuu yaada dogoggoraa ti, sababiin isaas Waaqayyo YEROO AMMAA DHIMMA NAMAA KEESSA SEENEE BULCHAA jira. INNI UUMAADHAS JIRAACHISAADHAS.

Qolosaayis 1:16-17,

*"Wanti waaqa keessa jiruu fi wanti lafa irra jiru hunduu, wanti ijaan argamuu fi wanti ijaan hin argamne, warri teessota irra taa'anii fi warri mootummaa qaban, warri bantii waaqaa keessaa gooftummaa fi aboo qabu jedhamnii sodaataman isaan uumamaan; wanti hundinuu karaa isaa uumame, isaafis uumame.*

*Inni wanta hundumaa dura ture; karaa isaa wanti hundinuu iddoo godhatee in jiraata.*"

Inni Waaqa birmaduu ti. Inni gorsa mataa isaatiin karoora fayyina warra kan Isaa ta'anii durumaan fo'amanii baafate. Ilmi du'a fannootiin karaa Fayyinaa hundeesse Hafuurri Qulqulluun immoo fedha Abbaa of eeggannoodhaan raawwata. Yeroo kanatti Inni waan hundumaa akkaataa galma ga'iinsa jaalala Isaatti hojjechaa jira. Inni hunduma gidduu jira. Inni waldaa Isaa gidduu jira. Uumaan guddaan kun, Waaqayyo—Fayyisaan yeroo ammaa akka angafa Tiksee hoolotaatti warra kan Isaa ta'an gudduutti amanamummaadhaan hojjechaa jira. Argamuun Isaa iyyuu warra kan Isaatiif qofa. Inni isaan in jaallata, isaan in kunuunsas. Iji Isaa yeroo hundumaa isaan irraa hin buqqa'u. Sagalichi, "Jireenyi keessan Kristosii wajjin Waaqayyo keessa dhokateera" yommuu jedhu hiikni isaa kanuma jechuu dha. Oo, Waaqayyo koo amanamaa ta'ee waan jiraatuuf guddaan gammada. Inni dhuga-qabeessa, Inni hin sobu. Inni Sagalichaaf dhugaadha, Inni isa ni utuba. Inni nuuf dhugaadha, nu keessaa nama tokko illee bakkeetti hin dhiisu, guyyaa dhumaatti du'aa kaasa malee. Ani amanamummaa Isaa keessa boqochaa waanan jiruuf nan gammada.

Filiphisiiyus 1:6,

*"Waaqayyo inni hojii gaarii isin keessatti jalqabe, hamma guyyaa Kristos Yesus deebi'ee dhufutti, fiixaan akka baasu nan amanadha."*

*"Inni dhuga-baatuu dhugaa ti."*

Amma jechi dhugaa jedhu kun jecha duraan Mul'ata 3:7 irratti ilaallee wajjin tokko. Hiikni isaas jecha 'dhugaa' jedhu isa faallaa 'sobaa' wajjin tokko akka hin taane ni yaadattu. Inni hiika gabbataa fi gadi fagoo sanarraa fagaatu qaba. Inni dhugooma guutuu (perfect realization) faallaa dhugooma gar-tokkee (partial realization) kan ibsu dha. Bara Filaadelfiyaatti, dhufaatiin Gooftaa dhi'aachaa jira ture. Barri sun jaalala guddaa attamii Isaaf mul'ise. Innis jechoota mimmiidhagoo 1Phexros 1:8 irraa na yaadachiisa.

*"Isini isa mul'achuuf jiru hin argine yoo ta'e iyyuu, isa in jaallattu; amma yoo isa arguu dhaabaattan iyyuu, isatti in amantu akkasumas gammachuu akkas jedhamee hin dubbatamnee fi gammachuu ulfina guddaa qabuun in gammaddu."*

Nutis isaanii wajjin in gammadna. Nuyi isa hin argine, garuu akka waan argineetti nutti dhaga'ameera. Hamma dhuma daangaa miirri keenyaatti Isa beekna. Guyyaa tokko garuu fuulaa fuulatti Isa arguuf jirra. Innis baruma kana keessa ta'a. Inni dhuma bara kanaatti dhufa. Dhugoomni gartokkee DHUGOOMA GUUTUU, DHUGOOMA RAAWWATAME ta'a. Haaleluyyaa! Fuullee dukkanaa'aa keessaan ilaalaa turre, yeroo dhi'ootti garuu fuulaa fuulatti arguuf jirra. Ulfina irraa gara ulfinaatti darbaa as geenye, yeroo dhi'ootti garuu ulfinuma sana in taana; ULFINA ISAA keesssatti NI IFNA. NUTI AKKA ISAA NI TAANA, DINQIIDHAAN AKKA ISAA, AKKA YESUUS FAYYISAA ISA WAAQAYYO TA'EE NI TAANA!

Kun waan ajaa'ibaa mitii ree? Nuyi Isa keessatti guutuudha. Kun dhugaa dha. Inni waa'ee kanaa nu hin sobu. Garuu guyyaa tokko atoomotni keenya ni jijjiiramu. Dhagna hin duune ni uffanna. Hundumti keenya jireenyaan in liqimfamna. Yeroo sanatti DHUGOOMA NI DHUGOOMSINA.

*"Inni amanamaa fi dhuga-baatuu dhugaa dha."*

Amma jecha 'dhuga-baatuu' jedhu itti haa yaadnu. Tole, jechi kun jecha 'wareegamaa' jedhu kan irraa argannu ta'a. Macaafni Qulqulluun Isxifaanos, Atiphaasii fi kanneen biroon akka wareegaman dubbata. Isaan warageemtoota turan; isaan dhuga-baatota turan. Yesuus wareegamaa amanamaa ture. Sanaaf Hafuurri Qulqulluun dhuga-baatuu dha. Hafuurri Qulqulluun waa'ee sanaa dhugaa ba'e. Biyyi lafaa Yesuusiin ni jibban. Isa ajjeesan. Waaqayyo waan Isa jaallateef garuu Inni gara Isaa dhaqe. Gara Abbaa dhaquu Isaaf ragaan bu'uu Hafuura Qulqulluu ti. Osoo Yesuus Abbaadhaan hin simatamne ta'ee, silaa Hafuurri Qulqulluun hin bu'u ture.

Isa kana Yohaannis 16:7-11 tti dubbisaa.

*"Dhuguman issinitti hima, yoon adeeme isiniif wayya; yoon adeemuu dhaabaadhe inni isiniif dubbatu gara keessan hin dhufu; ani yoon dhaqe garuu isa isiniifan erga.*

*Inni yommuu dhufu waa'ee cubbuu, waa'ee qajeelummaa, waa'ee firdiis, biyya lafaa in hubachiisa.*

*Isaan waan anatti hin amanneef, cubbuu isaanii in argisiisa;*

*ani gara abbaa dhaquu kootiin isinis na arguu dhabuudhaan qajeelummaa koo in argisiisa;*

*isa biyya lafaa kana abboomutti faradamuu isaatiin, firdii in argisiisa.*"

Yesuus as jiraachuu mannaa bakka Isaa bu'ee Hafuurri Qulqulluun biyya lafaa kana keessa jiraachuun, Yesuus qajeelaa akka turee fi gara Abbaa akka dhaqe mirkaneessa.

Akkasumas Yohaannis 14:18 irratti ni dubbata.

*"Ani KOPHAATTI isin hin dhiisu, gara keessan nan dhufa."*

Inni ISA NAMAAF DUBBATU, Isa nama jajjabeessu erge. Inni ISA NAMAAF DUBBATU, Isa nama jajjabeessu ture. Inni bifa Hafuura Qulqulluutiin deebi'ee waldaa dhugaa irratti bu'e. Inni waldaa kristaanaa gidduutti amanamaa fi DHUGA-BAATUU dhugaa dha. Garuu gaaf tokko Inni ammas fooniin deebi'ee dhufuuf jira. Inni yeroo sanatti ogeessi kophaa isaa waan hundumaa gararraa jiru Eenyu akka ta'e ni mirkaneessa,—innis Isa, Yesuus Kristos Gooftaa Ulfinaa ti.

Inni amanamaa fi dhuga-baatuu dhugaa, uumaa fi jiraachisaa, dhugooma mudaa hin qabne, Ameen Waaqayyoo ti.

Oo, Yesuus Ilma Waaqayyoo; guddiseen Isa jaalladha, guddiseen Isa mararfadha.

Qaama mata duree nagaa kana dubbii 2Qorontos 1:18-22tiin goolabuun barbaada.

> *"Akka amanamummaan Waaqayyoo dhugaa ta'e, akkasuma dubbiin ani isinitti dubbadhu 'Eeyyee", "Waawuu" jechuudhaan kan garagaggalu miti.*
>
> *Yesus Kristos, ilmi Waaqayyoo, inni Silwaanosiin, Ximotewosii fi anaan isin gidduutti lallabame, "Eeyyee" fi "Waawuudhaan" gara hin gaggalle; isa bira yeroo hundumaa "Eeyyeetu" jira.*
>
> *Abdiin Waaqayyoo hundinuu karaa Kristos "Haa ta'u" jedhamanii in raawwatamu; kanaaf nus karaa isaa "Ameen" jennee Waaqayyoof galata in galchina.*
>
> *Isinii wajjin jabeessee kan nu dhaabe, hojii kanaafis kan nu dibe Waaqayyoo dha.*
>
> *Milikkita kan isaa ta'uu keenyaas nutti mallatteesseera; qabsiisa garaa keenya keessa kaa'annus hafuura isaa nuuf kenneera.*"

*"Isa wanti Waaqayyo uume hundinuu biraa ka'e."*

Inni kun isa Gooftaan Yesuus eenyu akka ta'e dubbatu dha. Garuu jechoonni sunneen akka ta'uuf malutti hin hiikamne. Akkuma inni hiikame kanatti fudhachuun namoota tokko tokko (dhugaa dubbachuuf namoonni sonaan baay'een) Yesuus uumama Waaqayyoo isa jalqabaa akka ta'etti fudhachuudhan, Waaqummaa Isaa xiqqeessaniiru. Sana booda uumamni jalqabaa kun guutummaa hawaa (universe) fi waan isa keessa jiru hundumaa uume jedhu. Garuu sun sirrii miti. Sun guutummaa Macaafa Qulqulluu wajjin akka wal hin simne beekaa. Jechoonni sun,"Inni BU'UURESSAA (Beginner) ykn UUMAA (Author) wanta Waaqayyo uumeeti" kan jedhani dha. Amma Yesuus Waaqayyo akka ta'e, Waaqayyo isuma tokkicha akka ta'e mamii tokko malee ni beekna. Inni uumaa dha.

Yohaannis 1:3,

> *"Wanti hundinuus isumaan ta'e; waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru."*

Inni Isuma Uma 1:1 keessatti eerame dha,

> *"Waaqayyo jalqaba waaqaa fi lafa uume."*

Akkasumas Seera Ba'uu 20:11 irratti in dubbata,

> *"Ani Waaqayyo guyyaa ja'a keessatti bantii waaqaa fi lafa, galaana, wanta isaan keessa jiru hundumaas uumee, guyyaa torbaffaatti nan boqodhe; kanaaf ani Waaqayyo guyyaa Sanbataa nan eebbise, nan qulqulleesses."*

Ilaalaa, Uumaa ta'uu Isaatiif shakkiin hin jiru. Inni Uumaa UUMAMA UUMAMEE XUMURAMEE ture.

Jechoonni kunneen dhugaatti hiika maalii akka qaban amma ilaaluu dandeenya. Hiika biraa itti kennuun Waaqayyo Waaqayyoon uume jechuu ta'a. Waaqayyo, Ofii Isaatii, Uumaa ta'ee akkamitti uumamuu danda'a?

Amma garuu Waldaa Kristaanaa gidduu dhaabatee jira. Inni akkuma achi dhaabatee jirutti bara dhumaa kanatti Eenyummaa Isaa mul'isaa jira,"Uumaa wanta Waaqayyo uumee" jedhee of waama. Inni kun UUMAMA BIRAA ti. Inni kun waldaa kiristaanaatiin kan wal qabatu dha. Kun dizaayinii addaa Inni qopheesse dha . Inni UUMAA waldattii ti. Dhirsi Misirroo waaqarraa misirroo Isaa uummate. Inni akka Hafuura Waaqayyootti gadi bu'ee Maariyaam durba keessatti seelii qaamni Isaa irraa ijaarame uume. Kana irra deebi'ee jechuun barbaada. Inni seelotuma dhagna sanaa iyyuu gadameessa Maariyaam keessatti uume. Hanqaaquun Maariyaam qopheessite Hafuurri Qulqulluu lubbuu akka itti horuuf kophaa isaa ga'aa hin turre. Sun silaa dhagna nama cubbamaa kan omiishu ta'a ture. Sun silaa, "Addaam isa lammaffaa" hin omiishu ture. Waa'ee Isaatif, "Ati (Abbaa) garuu dhagna abboomamu anaaf qopheessiteetta" jedhamee

dubbatameera. Dhagna sana Maariyaam utuu hin ta'in Waaqayyotu qopheesse. Maariyaam inkubeetera namaa waan turteef Mucaa Qulqulluu sana baattee deesse. Inni Waaqayyo-namaa (God-man) ture. Inni Ilma Waaqayyoo ture. Inni uumama isa HAARAA ture. Namnii fi Waaqayyo wal arganii tokko ta'an; Inni dhaloota haaraa isa jalqabaa ture.

Qolosaayis 1:18,

*"Inni mataa waldaa kristaanaa isa dhagna isaa jedhamee waamamee ti; inni jalqaba waan hundumaa ti; waan hundumaatti isa duraa akka ta'uuf; inni warra du'an keessaa dura ka'e."*

2Qorontos 5:17,

*"Kanaafis namni kan Kristos yoo ta'e, uumama haaraa dha; wantoonni moofaan darbaniiru, kunoo, wantoonni hunduu haaraa in ta'u [KJV]."*

Achitti arguu kan dandeessan namni HAWAASA MOOFAA ykn uumama moofaa ta'u iyyuu, amma garuu KIRISTOOSIITTI DABALAMUU isaatiin, UUMAMA HAARAA kan Waaqayyoo ta'uu isaa ti.

Efesoon 2:10,

*"Nuyi hojii harka isaa isa hojii gaariitiif KRISTOS YESUSITTI DABALAMUUDHAAN uumamne dha."*

Efesoon 4:24,

*"NAMUMMAA HAARAA isa qajeelummaa fi qulqullummaa dhugaatti, fakkaattii Waaqayyootiin uumame uffadhaa!"*

Uumamni haaraan kun uumamuma moofaatu gara bifa biraatti jijjiirame miti, utuu akkas ta'ee silaa uumama haaraa jedhamuu hin danda'u. Wanti inni ifatti dubbatu isa kana, inni, "UUMAMA HARAATI" jedha. Inni uumama kan biraati, isa durii irraa adda dha. Inni kana booda karaalee fooniitiin hin hojjetu. Akkaataan Inni Israa'elii wajjin hojjetes akkasuma. Inni Abrahaam fo'ate, wanti Abarahaamiin wal qabatu karaa hidda nama qajeelaa Yisihaqiin raawwata. Amma garuu sanyii, gosaa fi saba hundumaa keessaa uumama haaraa uumuuf kaayyeffateera. Inni uumama sana keessaa isa jalqabaa ti. Inni Waaqayyo bifa namaatiin uumamee ture. Amma Hafuura isaatiin Ilmaan baay'ee Ofii Isaaf uumaa jira. Waaqayyo Uumaan, bu'aa dhagna uumama Isaa godhee Ofii Isaa uumaa jira.

Kun mul'ata Waaqayyoo isa dhugaa dha. Kaayyoon Isaa kana ture. Kayyoon kun karaa fo'amuutiin bifa godhate. Kanaafidha yeroo barri hunduu xumuramanii jiranitti kan Inni kallattiidhaan bara dhumaa gadi ilaalee akka uumaa Uumama Haaraa Waaqayyoo kanaatti waldaa gidduutti amma iyyuu Ofii Isaa arguu danda'eef. Aangoon birmadummaa Isaa seericha baase. Inni Labsii Ofii baaseen miseensota uumama haaraa kanaa fo'ate. Isaan ilmaan Isaa ta'anii akka guddifamaniif, akka fedha Isaa isa gaariitti yaadaan isaaniif qabeera. Hunda beekuu fi hunda danda'uu Isaatiin seericha raggaasise. Inni utuu duraan dursee yaadaan hin qabne ta'ee,silaa waldaa gidduu dhaabatee obboloota Isaa irraa ulfina akka fudhachuuf jiru akkamitti beekuu danda'a? Inni waan hundumaa beeka, waan hundumaas akkaataadhuma beekuutti kaayyoo fi fedhiin Isaa inni gaariin akka ittiin raawwatamamutti hojjete.

Efesoon 1:11,

*"Waaqayyo wanti hundinuu akka akeeka isaatii fi akka fedha isaatiitti akka ta'u in godha; nus immoo akka inni yaadee qopheessee of duraa qabuutti, karaa Kristos fo'amneerra (dhaala arganneerra KJV)."*

Haaleluyyaa! Kan Isaa ta'uu keessanitti hin gammaddanii!

**Ergaa Gara Bara Laa'odiiqeyaatti Ergame**

Mul'ata 3:15-19,

*"Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati buluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture!*

*Ati garuu Bu'aa'aa dha; diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira.*

*"Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati garuu nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu.*

*Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'anetti, uffata adii, arguu akka dandeessuuttis qoricha ijatti naqattu ana*

*irraa akka bitattu sin gorsa.*

*Warran jaalladhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geeddaradhu!"*

Kana akkuma walii wajjin dubbifnetti waa'ee bara kanaa ilaalchisee Hafuurri Qulqulluu waan gaarii tokko akka hin dubbanne ni hubattu jedheen abdadha. Inni himata lama qopheessee lamaan isaanii irrattis murtii Isaa dabarse.

**(1) Mul'ata 3:15,16**

*"Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti;*

*ati buluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture! Ati garuu Bu'aa'aa dha; diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira."*

Kana sirriitti ilaaluuf deemna. Gareen bara waldaa Laa'odiiqeyaa kun bu'aa'aadha jedha. Bu'aa'ummaan adabbii Waaqayyoo barbaada. Adabbichis isa isaan afaan Isaa keessaa tufamani dha. Iddoon kun iddoo nuti akka namoonni baay'een karaa irraa maqan gochuu hin barbaanne dha. Isaan gowwummaadhaan Waaqayyo afaan Isaa keessaa si tufuu danada'a jedhu kunis doktiriinii warra Waaqayyoof qulqullaa'anii keessa dhugummaan akkasii akka hin jirre mirkaneessa. Yaada keessan ammuma sirreessuun barbaada. Luqqisi kun nama dhuunfaaf hin kennamne. Inni waldaadhaaf kenname. Inni waldaa kiristaanaatti dubbachaa jira. Itti dabalees, Dubbicha yoo yaadaan qabdanii ilaalatan iddoon inni itti nuyi AFAAN Waaqayyoo keessa jirra jedhu akka hin jirre ni qalbeeffattu. Nuti barruu harka Isaa irra jirra. Nuti bobaa Isaatti baatamna. Dur dur bara barri lakkaa'amuu hin jalqabinitti nuyi sammuu Isaa keessa turre. Nuyi karra Isaa keessa kaloo Isaa keessas jirra malee gonkumaa afaan Isaa keessa hin jirru. Yoos afaan Gooftaa keessa maaltu jira ree? Afaan Isaa keessa Sagaleetu jira.

Maatewos 4:4,

*"Yesuus garuu deebisee, 'Caaffata Qulqulla'aa keessatti 'namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee' kan jedhu caafameera' jedhe."*

Dubbichi afaan keeenya keessas jiraachuutu malaaf. Amma waldaan kristaanaa dhagna Isaa akka taate ni beekna. Isheen iddoo Isaa buutee lafarra jirti. Afaan waldaa Kirstaanaa keessaa maaltu jiraata ree? DUBBII WAAQAYYOO TI.

1Phexros 4:11,

*"Inni dubbatu, isa Waaqayyo jedhe haa dubbatu."*

2Phexros 1:21,

*"Raajii dubbachuun takkaa jaalala namaatiin hin taane; garuu namoonni hafuura qulqulluudhaan geggeeffamanii, wanta Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru."*

Egaa namoota bara dhumaa kana michii maaliitu isaan dha'eree? ISAAN DUBBII WAAQAYYOO IRRAA FAGAATANIIRU. ISAAN KANA BOODA WAA'EE ISAATIIF BULLUQOO MITI. ISAAN BU'AA'OO DHA. Amma waa'ee kanaa isiniif nan mirkaneessa.

Warri Baaptistii qanoonaa fi dogmaa Dubbii Waaqayyo irratti hundaa'e waan qabaniif isaan raasuu hin dandeessan. Barri hojii dinqii ergamootaa darbeera waan ta'eef amanuutti aansee Cuuphaa Hafuura Qulqulluutu jira wanti jedhamu hin jiru jedhu. Warri Meetodistii (Dubbii Waaqayyoo irratti hundaa'anii) cuuphaan bishaanii hin barbaachisu (bishaan namatti facaasuun cuuphaa miti) qulqullummaan jiraachuutu Cuuphaa Hafuura Qulqulluu ti jedhu. Warri 'Church of Christ' cuuphaa lammata dhalachuu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u dhimmoota hedduu keessatti fayyina lubbuutiif cuuphaa qofti akka ga'aa ta'etti amanu. Ta'us doktiriiniin isaanii Dubbii Waaqayyoo irratti kan hundaa'edha jedhu. Haaluma sanaan deemaa deemaa dhufee warra Pheenxeqoostaalii bira ga'a. Isaan Dubbii Waaqayyoo qabuu? Dubbichumaan isaan qoraa ilaalaa. Isaan yeroo hundumaa miira gammachuuf jedhanii Dubbii Waaqayyoo in ganu. Dinqii hojii hafuuraa kan akka zayitaa fi dhiigaa, afaan haaraa dubbachuu fi milikkita biroo yoo agarsiiftan, Dubbii Waaqayyoo keessa haa jiraatuu jiraachuus haa baatuu, ykn Dubbii Waaqayyoo irraa sirriittis haa hiikamuu, garri caalu gowwomfamee itti amana. Dubbiin Waaqayyoo garuu maal ta'eera? Dubbiin Waaqayyoo tuffatameera, kanaafis Waaqayyo, "Ani hunda keessan irratti nan ka'a. Ani afaan koo keessaa isin nan tufa. Kun bara isa xumuraa ti. Baroota torban kana keessatti namoota dubbii ofii isaanii kan Koo caalchifatan malee homaa hin argine. Egaa bara isa dhumaa kanatti afaan koo keessaa isin tufuufan jira. Kun xumura dubbii ti. Waan gaarii ta'e dubbachuufan jira. Eeyyee, Ani as Waldaa Kristaanaa gudduun jira. Ameen Waaqayyoo inni ta'e, inni amanamaa fi dhugaan Ofii Isaa in mul'isa, innis RAAJII KOOTIIN IN MUL'IFAMA" jedha. Oo, eeyyee akkas in ta'a.

Mul'ata 10:7,

> *"Bara sagaleen ergamaa isa torbaffaa dhageessifamutti garuu, wanti Waaqayyo dhoksaatti akeeke, akkuma inni raajota hojjetoota isaatti himee ture sanatti, raawwatamuuf jira KJV."*

Haalichi akkasi. Inni raajii dhugaan ba'ameefii mirkaneeffame ergaa jira. Inni gara Waggaa kuma lamaatiin booda raajii tokko ergaa jira. Inni nama dhaabbata, barnootaa fi addunyaa dhaaba amantii irraa baay'ee fagoo ta'e nama akka Yohaannis Cuuphaa fi Eliyaas durii ergaa jira; inni Waaqayyo qofaarraa in dhaga'a, "Gooftaan akkas jedha" jechuudhaanis Waaqayyoof in dubbata. Inni afaan Waaqayyoo in ta'a, INNI AKKUMA MIILKIYAAS 4:6 KEESSATTI LABSAMEETTI GARAA IJOOLLEE GARA KAN ABBOOTAATTI IN DEEBISA. Inni warra guyyaa dhumaatiif fo'aman iddootti ni deebisa isaanis dhugaa raajiin tokkichi mirkanaa'e kun kennu akkuma Phaawuloositti in dhaga'u. Inni dhugaa isa isaan qabaachaa turan iddootti in deebisa. Warri isaa wajjin fo'amanis guyyichatti warra dhugaadhumatti Goofticha calaqqisiisan, warra Dhagna Isaa ta'an, warra sagalee Isaa ta'anii fi warra hojii Isaa hojjetan in ta'u. Haaleeluyaa! Argitanii?

Seenaa waldaa kiristaanaa gabaabsanii ilaaluun yaadni kun sirrii akka ta'e ni mirkaneessa. Bara Dukkanaatti Dubbiin Waaqayyoo guutummaatti saba jalaa dhokfamee ture jechuun ni danda'ama. Waaqayyo garuu Sagalichaa wajjin Luuteriin erge. Luuteraanonni yeroo sanatti Waaqayyoof dubbatu turan. Garuu ni gurmaa'an, ammas Sagaleen qulqulluu sun sababa jaarmiyaatiif balleeffamee dogmaa fi qanoonaadhaan bakka buufame. Sana booda isaan Waaqayyoof dubbachuu hin dandeenye. Ergasii Waaqayyo Wesley erge, innis bara isaatti nama Sagalicha of harkaa qabu ture. Mul'ata Waaqayyo isatti kenne namoonni fudhatan dhaloota sanaaf caaffata lubbuu qabu isa namni hundinuu akka beekuuf akka dubbisuuf caafame ta'an. Yeroo Meetodistoonni kufanitti, Waaqayyo warra kaan kaasee haalichis waggoota dheeraadhaaf itti fufuudhaan hanga guyyaa dhumaa isa sabni biraa ammas laficharra jiraatuutti itti fufe, sabni biraa kun warri ergamaa isaanii jala jiran bara xumuraatiif sagalee isa xumuraa in ta'u.

Eeyyee gooftaa. Waldaan kiristaanaa kana booda "abukaatoo (mouthpiece)" Waaqayyoo miti. Isheen abukaatoo ofii ishee taateetti. Kanaaf Waaqayyo ishee irratti ka'e. Inni karaa raajichaa fi misirrottii waliin ishee makuuf jira, kanaanis sagaleen Waaqayyoo ishee keessa in jiraata.

Eeyyee akkas in ta'a, sababiin isaas Mul'ata boqonnaa dhumaa lakkoofsa 17 irratti akkas jedha,

> *"Hafuurichii fi misirrottiin, 'kottu' in jedhu."*

Ammas biyyi lafaa akkuma guyyaa Pheenxeqoosxeetti kallattiidhaan Waaqayyoo irraa ni dhageessi; garuu Misirroo Sagalee taate kun akkuma bara jalqabaatti ni tuffatamti.

Amma Inni bara dhumaa kanaan,"Ati Sagalicha qabda. Yeroo kam iyyuu caalaatti Macaafa Qulqulluu qabda, garuu qoqqooduu fi kutaa kuttaatti hiruu malee, waan barbaadde fudhattee waan hin barbaanne dhiisuu malee waa'e Sagalichaatiif homaa tokko iyyuu gochaa hin jirtu. Ati ittiin falmuu malee Isatti JIRAACHUUF fedhii hin qabdu. Utuu diilallaa'aa ykn bulluqaa taatee irra naaf wayya ture. Utuu diilallaa'aa taatee isa tuffatte ta'ee, silaa siifan dhiisan ture. Utuu dhugummaa isaa beekuu fi itti jiraachuutti akka malee bulluqaa taateetta ta'ee, silaa kana gochuu keef sin ulfeessan ture. Garuu yeroo ati Dubbii koo salphaatti fudhattee ulfina dhowwattutti, Anis deebisee ulfina si dhowwaachuun qaba. Ati ol na deebisiisuuf (nauseate) waan ta'eef afaan koo keessaa sin tufa" jdhee iyyaa jira.

Amma bishaan bu'aa'aan garaacha akka nama dhukkubsu namni kamuu ni beeka. Qoricha ol nama deebisiisu barbaaddu taanaan bishaan bu'aa'aa kan caalu hin jiru. Waldaa bu'aa'oftuun Waaqayyoon waan dhukkubsachiifteef afaan Isaa keessa ishee tufuuf labseera. Kun aarii Isaa isa bishaan badiisaa duraa nu yaadachiisa mitii ree?

Oo, Utuu waldaan bulluqaa ykn diilallaa'aa taaatee silaa Waaqayyoof gaariidha ture. Hunda caalaa isheen ho'ituu (bulluqxuu) ta'uu qabdi. Isheen garuu akkas miti. Murtiin darbeera. Isheen kana booda biyya lafaatti sagalee (voice) Waaqayyoo hin taatu. Isheen ani sagaleedha ofiin jetti, Waaqayyoo garuu akkas hin jedhu.

Oo, Waaqayyo akkuma misirrottiidhaaf sagalee kennetti, Inni amma iyyuu saba biyya lafaatiif sagalee qaba. Akkuma kanaan dura jennee fi yeroo xiqqoo booda irratti dubbachuuf jirruutti sagaleen sun misirrottii keessa jira.

**(2) Mul'ata 3:17-18,**

> *"Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati garuu nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu.*
>
> *Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'anetti, uffata adii, arguu akka dandeessuuttis qoricha ijatti naqattu ana*

*irraa akka bitattu sin gorsa."*

Amma gaalee jalqabaa, "Ati 'Ani…jetta' jedhu" ilaalaa. Hubadhaa, isaan dubbachaa turan. Isaan abukaatoo Waaqayyootti dubbachaa turan. Kun isan yaadni lakkoofsi 16-17 hiikni isaa maal akka ta'e dubbadhe mirkaneessa. Isaan haa jedhan iyyuu malee, dubbachuun isaanii sirrii isa hin taasisu. Waldaan Kaatolikii Waaqayyoofan dubbadha jetti, isheen ani sagalee Gooftaa isa amanamaadha ofiin jetti. Namoota ani beeku hundumaa caalaa isaan namoota karaa hafuuraa hamoo ta'anidha, garuu isaan gosuma sanyii midhaan isaan keessatti faca'ee in godhatu, sanyiin sun eessaa akka dhufes ni beekna, hin beekna mitii?

Waldaan Laa'odiiqeyaa,"Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru" jechaa jirti. Innis akka isheen itti fudhatte dha. Yeroo of gamaggamtetti wanti isheen irra geesse kana dha. Isheen, "Ani sooressa" jette, kana jechuun waan biyya lafaa kanaan badhaatuudha jechuu dha. Isheen fuula Yaaqoob 2:5-7 duratti of jajaa jirti,

> *"Yaa obboloota ko jaallatamoo, dhaggeeffadhaa! Waaqayyo akka isaan amantiitti sooromaniif, mootummaa isaa isa inni warra isa jaallatan abdachiisettis akka galaniif, namoota biyya lafaa duratti hiyyeessota warra ta'an fo'ate mitii ree?*
>
> *Isin garuu nama hiyyeessa ulfina dhowwitan; warri isin cunqursan, gara yaa'iittis warri isin harkisan sooressota mitii ree?*
>
> *Maqaa ba'eessa isa isin ittiin waamamtan kan arrabsu isaan mitii ree?"*

Ani amma namni sooressi tokko nama Hafuuraa ta'uu hin danda'u jedhee yaada HIN dhi'eessu, garuu Sagaleen Waaqayyoo warri baay'ee muraasaa ta'an jiru isa jedhu hundi keenya beekna. Waldaa dhugaa keessatti qaamni heddummatu hiyyeessa. Amma erga akkas ta'ee, waldaan qabeenyaan badhaatuu yoo taate, waan tokko qofa beekna; innis, "Ikaabood" balbala kellaa ishee irratti barraa'eera.

Sun Dubbii Waaqayyoo waan ta'eef isa haaluu hin dandeessan.

Mee waa'ee qabeenya waldaa haa dubbannu—maaliif jennaan agarsiifannaan qabeenyaa akka kanaa takkumaa ta'ee hin beeku. Manneen qulqullummaa mimmiidhagoon haala kanaan dura ta'ee hin beekneen heddummaataniiru. Gareewwan adda addaa eenyutu hundarra guddaa fi hundarra miidhagaa ijaaree argamuu qabaa irratti wal dorgomaa jiru. Akkasumas wiirtuwwan barnootaa maallaqa miliiyoona hedduu kan shallagamee bira hin ga'amneen ijraaru, gamoowwan sanas torbanitti sa'aatii tokko ykn lama qofaaf itti fayyadamu. Amma kun waan nama rifaasisu hin ta'in, ijoollee yeroo manneen barnootaa keessatti dabarsiisuudhaan sa'aatiwwan silaa manatti leenjiin isaaniif kennamuu malu jalaa gubna jedhanii amanu.

Maallaqni manneen amantii adda addaa hanga aksiyoonaa fi boondii, warshaalee, boolla kuusaa boba'aa fi dhaabbilee inshuuraansii qabaachuutti dhangalaafameera. Isaan maallaqa wal gargaarsaa fi fandiilee sooramaa keessatti dhangalaasaniiru. Amma kun gaarii fakkaata, garuu tajaajilaadhaaf kiyyoo dha, sababiin isaas ifa dabalataaf ykn jaalala Waaqayyoof garee isaanii gadhiisuuf yoo murteessan kuufamni sooroma isaanii achitti hafa. Irra caalaan isaanii kana danda'machuu waan hin dandeenyeef obsanii garee dhiibbaa isaan irraan ga'uu wajjin jiraachuu itti fufu.

Amma kun bara dhumaa ta'uu hin dagatinaa. Israa'eloonni gara biyya Filisxeemitti deebi'aniiru waan ta'eef bara dhumaa akka ta'e ni beekna. Inni dhuguma dhufaa jira jennee ni amanna taanaan, yoos warri akkas bal'inaan ijaaraa jiran kun rakkoo wayii qabu. Kunis namoonni kunneen bara baraan lafarra jiraachuuf karoorfatan, ykn dhufaatiin Yesus waggoota dhibbaatamaaf achi siqeera jedhee namni akka yaadu taasisa.

Yeroo ammaa amantiin daldala guddaa jedhamuun akka beekamu beektuu? Faayinaansii to'achuuf manaajeroota biizinesii waldoota keessatti qacaraa jiraachuun isaanii dhugaa hin haalamne dha. Waaqayyo kan fedhu isa kanaa ree? Sagaleen Isaa Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti namoonni torba Hafuura Qulqulluu fi amantiidhaan guutaman dhimma daldalaa irratti Gooftaa akka tajaajilan nu hin barsiisnee? Waaqayyo, "Ati ani sooressa ofiin jetta; Ani gonkumaa ati sooreessa siin hin jenne" jedha.

Sagantaalee raadiyoo fi televijiiniitti, akkasumas hojiiwwan haaraa waldaan hojjechuuf dhamaatu hedduutti doolaarri biliyoonaan lakkaa'amu dhangalaafamaa jira. Qabeenyi gara waldaatti as dhangala'a, qarshiin miseensummaa waliin dabalaa deema, ta'us hojiin hafuuraa akka isa yeroo qarshiin hin jirreetti hojjetamaa hin jiru, garuu namoonni dandeettii Hafuurri Qulqulluun isaaniif kenne qofaa irratti hirkataniiru.

Lallabdootaaf ni kaffalama, gargaartotaaf ni kaffalama, taphattoota muuziqaa fi barnoota muuziqaatiif ni kaffalama, kuwaariif ni kaffalama, eegdotaaf (custodians) ni kaffalama, sagantaalee fi bashannanaaf ni kaffalama—hundumaaf maallaqa guddaa hammana hin jedhamnetu baasii ta'a, kana hundumaa keessatti garuu humnichi hir'ataa jira. Eeyyee, waldaan soorettii dha, humnichi garuu ishee keessa hin jiru. Waaqayyo Hafuura Isaatiin hojjeta malee baay'ina horii ykn mi'a gati-qabeessa waldaa keessa jiruun hojjeta miti.

Amma jaalalli horii kun attamitti hojii Seexanaa isa hamaa ta'aa akka dhufe isinitti agarsiisuun barbaada. Waldoonni miseensa argachuudhaaf baay'ee dhama'aniiru, keessattuu warra sooreyyii argachuuf. Iddoo hundatti iyya amantii baay'ee miidhagaa kan nama akka ofitti haawatu gochuutu iyyama, kanaanis sooressi, namni barate akkasumas namni ulfina biyya lafaa qabu hundi harkifamee simatamuudhaan waldaa keessatti collee (active) ta'a. Qabeenyi ulaagaa jireenya hafuuraa utuu ta'eera ta'ee, silaa biyyi lafaa duramaan Waaqayyoon akka qabdu, silaa biyyi lafaa waan Waaqayyoo hundumaa akka qabduu fi waldaan waan ishee barbaachisu akka hin qabne hin beekanii?

*" Ati, 'Ani geessifadheera' in jetta."*

Kun hiika kallattiitiin, 'Ani badhaadhina jireenya Hafuuraa qaba' jechuu dha. Kun barkumee keessa karaa warqee fi fuula Waaqayoo dura akka waan deddeebi'aa jirtuu ishee fakkeessa. Utuu geessifattuu taatee silaa nan dinqisiifadhan ture. Waldattiin dhuguma wantoota jireenya hafuuraa isa kan Waaqayyootiin badhaatuudhaa ree? Mee of jaja Laa'odiiqeyaa Jaarraa Digdamaffaa kanaa ifa Dubbii Waaqayyootiin qorree haa ilaallu.

Waldattiin dhuguma Hafuuraan badhaatuu utuu taatee, silaa dhiibbaan inni uumu jireenya hawaasaa irraa beekama ture. Garuu warri namoota hafuuraa, namoota hawaasichaaf dhiibbaa uumu jedhaman kunneen jireenya akkamii jiraachaa jiru? Qarqara magaalaatti achi ba'anii jireenya qananii jiraatu, achi ba'anii godinaalee jireenya fooyya'aa qaban keessa jiraatu, achitti haadha manaa wal jijjiiranii wajjin ciisuudhaan, ejjummaadhaan, baandiwwan ijoollee karaatti hambisan, qabeenya manca'eef beenyaa rifaasisaa gaafachuun baay'ateera. Safuu dhabuudhaan gocha saalquunnamtii daangaa hin qabnee, araadi qoricha sammuu adoochuu, qumaarri, hannaa fi hammeenyi hunduu yeroo kamuu caalaa sadarkaa olaanaa irra ga'eera. Waldattiinis dhaloonni kun attam gaarii akka ta'e, waldoonni attam guutuu akka ta'anii fi lammiilee ergama dirree irra jiraniifuu deebii atattamaa kennuu ittan fufa jettee dhaadatti. Waldattiin saba hakiimotatti, keessattuu ogeeyyii fayyaa dhibee xiinsammuu yaalaniitti dabarsitee kenniteetti. Dubbiin waa'ee hafuuraan badhaatuu ta'uu himachuu ishee hamman beekuun olitti haasaa jibbisiisaa dha. Dhugaa miti. Isaan kasaaraniiru garuu of irratti hin beekan.

Mee naannawaa keessan sirriitti ilaalaa. Namoota karaarra darban qoraa ilaalaa. Tuuta argitan keessaa warra bifa kiristaanummaa qaban adda baasuu dandeessuu? Akkamitti akka isaan uffatan ilaalaa, akkamitti akka isaan deeman ilaalaa, waan isaan jedhan dhaggeeffadhaa, garamitti akka isaan deeman ilaalaa. Namoota arginu hundumaa gidduutti ragaa dhugaan lammata dhalachuu isaanii mirkaneessu jiraachuu qaba ture. Garuu namoota muraasa qofa. Ta'us garuu yeroo ammaa waldoonni bebbeekamoon lubbuu miliyoonotaa gara fayyinaatti akka fidanii fi Hafuura Qulqulluudhaan iyyuu akka guutan nutti himaa jiru. Hafuura Qulqulluudhaan guutamaniiruu ree? Dubartii rifeensa firiizii, rifeensa muramaa, qumxaa fi wayyaa dugada qullaa mul'isu uffattu, ishee akka Iizaabeel hidhii diimaffattee naannoftuun Hafuura Qulqulluun guutamteetti jechuu dandeessuu ree? Isaan kunneen utuu uffata qajeelaa isa akka kan dubartoota Kiristaana ta'aniitiin faayamaniiru ta'ee, silaa akka ta'utti uffachuu dhabuun maal akka fakkaatu dhugaa ba'i yoon jedhame maal akka fakkaatu yaaduunuu na rakkisa ture.

Amma faashiniwwan kan bocu dubartoota akka hin taane nan beeka. Kan bocu Hooliiwuudii dha. Garuu yaa hawwanii dhaggeeffadhaa, isaan amma illee huccuu 'xaaqaa' fi makiinaa hodhaa ni gurguru. Waan qophaa'aa dukkaana keessaa bittanii sana booda dhiifamaaf akka sababaatti dhimma itti hin ba'inaa. Kun dhimma balaafamaa lubbuu namaa galaafatu kanan gadi fageenyaan ibsuuf jedhu dha. Dhiirri tokko dubartii tokko yommuu ilaalu garaa isaa keessatti yoo ishee hawwe, inni duraanuu garaa isaa keessatti ishee wajjin ejjeera kan jedhu Caaffata Qulqullaa'oo keessaa hin dubbifnee ree? Isin immoo akka inni isinitti ejjuuf akkasitti uffattuu ree? Inni kun egaa raawwattanii waa'ee isaa hin beektan yoo taatan iyyuu, durba durbummaan jirtu kan fedhii akkasii hin qabne yoo taatan iyyuu isinis isaa wajjin cubbuuttii hirmaattaniittu. Waaqayyo itti gaafatamaa isin godhee isinitti in farada.

Amma isin dubartoonni lallaba akkasii akka hin jaallanne nan beeka, garuu obboleettii, wanti ati gochaa jirtu guutummaatti waan jal'inaa ti. Rifeensa murachuu Macaafni Qulqulluun isin dhorka. Akka isin golguuf Waaqayyo rifeensa isiniif kenne. Waaqayyo rifeensa keessan akka dheereffattan isin abboome. Inni ulfina keessani. Battala rifeensa keessan murtanitti abbaan manaa keessan mataa keessan ta'uu isaa haaltaniittu. Akkuma Hewaan isinis ofiin baatee ofiin galtuu taataanittu. Filannootti dhi'aattanii sagalee argattaniittu. Hojii dhiirri hojjetu isa irraa fudhattaniittu. Dubartummaa keessan dagattaniittu. Yaada garaa keessanii geeddarattanii gara Waaqayyootti deebi'uu isiniif wayya. Akka waan jal'inni kun hunduu isinitti xinnaatee, baay'een keessan yaada waltajjii fi hojii tajaajila waldaa isa Waaqayyo dhiirotaa fi dhiirota qofaaf kaa'e weeraraan qabachuu ni dandeessu jedhu duukaa buutaniittu. Oo, iddoo gar-malee isin dhukkubuttan bu'e mitii ree? Tole, Macaafa Qulqulluu keessaa iddoon dubartiin dhiiratti haa lallabdu ykn dhiira irratti aboo haa qabaattu jedhu yoo jiraate tokko natti argisiisaa. Yoo natti argisiiftan waanan dubbadheef dhiifama nan gaafadha. Kanaaf dogoggora narratti arguu hin dandeessan. Ani sirriin dubbadhe, sababiin isaas Dubbii Waaqayyoo bira Dubbii Waaqayyoo keessas nan dhaabadha. Utuu hafuuraan baadhaatuu taatanii, silaa sun hundi dhugaa akka ta'e in beektu turtan. Dubbii Waaqayyoo malee dhugaan hin jiru. Phaawuloos, "Dubartiin dhiira haa barsiiftu, isa irrattis aboo haa qabaattu hin jedhu" jedheera. Kennawwan tajaajilaa shanan Efesoon 4 irratti kennaman keessaa tokko fudhattanii

dhiirota irratti aboo qabaachuu dhiisuu akkaataan itti dandeessan hin jiru. Obboleetti, utuu Dubbii Waaqayyoo dhageessee siif wayya. Inni barsiisaa jedhee isinitti dubbate Hafuura Waaqayyoo isa jireenya Hafuura Qulqulluun guutame keessaan bakkeetti baafamee mul'ifamaa jiruu miti, sababiin isaas Hafuurri Qulqulluu fi Dubbiin Waaqayyoo TOKKO waan ta'aniif. Isaan lachuu waanuma tokkicha dubbatu. Namni wayii dogoggora hojjeteera. Namni wayii gowwomfameera. Utuu isinitti hin barfatin dammaqaa. Seexanni Hewaan haadha keessa gowwomse; amma immoo isin, ijoollee ishee gowwomsaa jira. Waaqayyo isin haa gargaaru.

*"Wanti ana barbaachisus hin jiru."*

Amma namni kamuu, "Wanti ana barbaachisu hn jiru" yeroo jedhu ifatti, "An waan hundumaa qaba" jechaa jiraachuu isaa ti, ykn "Amma waanan quufeef kana caalaa hin barbaadu" jechaa waan jirus ta'uu mala. Kana karaa barbaaddaniin ibsuu dandeessu, innis dhugummaa ofitti quuftuu ta'uu waldattii kan gabbisu ta'a. Isheen waan qabdutti quufteetti. Isheen waan hundumaa qaba ykn geessifadheera jettee of tilmaamti. Har'as kan argaa jirru sirriitti kanuma. Dameen amantii (Denomination) Inni mul'ata, humnaa fi dhugaa qaba jedhee hin dubbanne kami? Mee warra Baaptistii dhaggeeffadhaa, isaanis hunda qabu. Warra Meetodistii dhaggeeffadhaa, isaanis hunda qabu. warra 'Church of Christ' dhaggeeffadhaa, isaan irraa kan hafe namni hunduu dogoggora. Waan warri Pheenxeqoostaalii jedhan dhaga'aa, isaanis guutee kan irra dhanga'ala'e qabna jedhu. Amma waa'ee isaanii dhugaa akkan dubbadhu ni beeku, sababiin isaas maanuwaalii isaanii keessaa adda kan ta'e tokkollee hin dubbanne. Hunda isaa akka gaariitti barreessanii maqaa isaanii irratti tuqanii hunda isaa xumuranii ol kaa'aniiru. Waaqayyo kana boodaa isaan biraa hin qabu. Warri kana caalaa hin barbaanne jiru. Isaan fayyisuutti hin amanan kanaafis fayyina hin barbaadan, Dubbii Waaqayyoo keessa fayyisuun jiraatus isaan hin amanan. Utuu Waaqayyo bantii waaqaa banee dinqii isaanitti argisiisee iyyuu Hafuura Qulqulluutti kan hin amanne jiru.

Amma hundi isaanii akkas jechaa jiru, waan hundumaa qabna ykn wanta nu barbaachisu hin qabnu jechaa jiru. Dhugaan jiru garuu kanaa? Mee waldaa jaarraa digdamaffaa kana waldaa jaarraa tokkoffaa wajjin wal bira qabaatii ilaalaa. Ittuma fufaa. Wal bira qabaa ilaalaa. Humnichi eessa jira? Jaalalli eessa jira? Waldaa qulqulluun cubbuu dura dhaabattee amantiidhaan gara Yesuusitti dhi'aatte eessa jirti? Tokkummaan eessa jira? Argachuu hin dandeessan. Waldaan kun waan ishee barbaachisu hundumaa qabdi erga ta'ee, Hojii Ergamootaa keessatti waan Waaqayyoo dabalataan argachuuf maaliif boo'aa turan ree, kan warra bara har'aa caalaa fagoo kan caalu utuma qabanii maaliif boo'an ree?

**Dhukkuba Waaqayyo Qoratee Ishee Irratti Arge**

Amma wanti Waaqayyo arge isa isaan argineerra jedhan irraa guutumaan guutuutti adda ture. Nuyi qabeenya foonii fi hafuuraatiin sooressa ofiin jedhan. Bakka sanas ga'aniiru. Homaa isaan hin barbaachisu ture. Waaqayyo garuu akkaataa biraatiin arge. Innis, "Ati garuu nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu" kan jedhu ture. Sabni tokko akkas yoo ta'e, keessumaa immoo qullaa ta'ee utuu jiruu qullummaa isaa HIN BEEKU taanaan, rakkoo hamaa daangaa darbe wayiitu jira. Dhuguma wanti ta'aa jiru tokko jiraachuu qaba. Waaqayyo akkuma warra Yihudootaa jaamsetti ija isaaniis jaamse mitii ree? Wangeelli gara warra Yihudootaatti deebi'aa jiraa? Seenaan ofirra deebi'aa jiraa mitii? An seenaan ofirra deebi'aa jiran jedha.

Waaqayyo waldaan bara Laa'odiiqeyaa kun "gadadamtuudha" jedha. Jechi sun jechoota Griikii lama irraa kan dhufe yoo ta'u hiikni isaaniis 'obsaa' fi 'qorumsa' kan jedhuudha. Egaa qorumsa Kiristaana dhugaatti dhufuun wal hin qabatu sababiin isaas Waaqayyo kiristaana qorumsa keessa jiru tokkoon "eebbifamaa" kan ittiin jedhu yoo ta'u ibsi isa kanaa garuu, "gadadamaa fi nama namni boo'uufiin ta'u" jedhee ibse. Attam nama dinqa! Bara waa baay'ee qabaachuu kana keessatti, bara of ga'uu kana keessatti, bara baay'achuu kana keessatti qormaanni akkamitti jiraachuu danda'a? Tole amma, waan ajaa'ibaati; garuu bara heddummaachuu fi carraa qabaachuu kana keessatti, yeroo namni hundi waan baay'ee qabuu fi waan baay'ees qabaachuu qaba jedhamu kanatti, kalaqaa hundumaa ittiin hojii keenya hojjennuu fi waan gammachuu baay'ee nuuf kennuu qabaachuu wajjin, AKKUMA TASAA, gar-malee ol ka'uu baay'ina dhukkubsataa sammuu nama naasisu guutummaa biyyaatti argina. Yeroo namni hunduu gammaduu maletti, dhuguma waan itti gammadan tokko illee hin qaban, miliyoonaan kan lakkaa'aman halkan halkan qorichaan of tasgabbeessu, ganama kiniinii isaan si'eessu fudhachaa gara hakiimotaatti arreedu, dhaabbilee seenanii, sodaa keessa isaanii isa bira hin ga'amne alkooliidhaan uruursuuf yaalu.

Eeyyee, barri kun qabeenya biyya lafaa kuufatee qabaachuudhaan of jaja, garuu sabni yeroo kamiyyuu caalaa gammachuu kan hin qabne dha. Barri kun galma ga'iinsa hafuuraatiin of jaja, garuu sabni yeroo kamiyyuu caalaa of shakkiin jiraata. Barri kun naamusaa gaarii qabaachuudhaan of jaja, garuu erga bishaan badiisaatii asitti bara kamiyyuu caalaa manca'aa dha. Barri kun waa'ee beekumsaa fi saayinsii isaa dhaadata, garuu sammuu, lubbuu fi hafuurri namaa jijjiirama lafa irratti dhufe hundumaa hubachuu ykn waliin deemuu waan hin dandeenyeef, dirree hundumaa irratti lola mo'amuu lolaa oola. Dhaloota tokko keessatti bara fardaan deemuu irraa jalqabnee hanga hawaa irraa qubachuutti geenyeerra, itti boonna, of jajna; garuu keessa isaa holqa dukkanaa'aa duwwaa isa gidiraan keessaa iyyutu jira, SABABA BEEKAMAA tokko malee garaan namootaa sodaadhaan raafamaa jira, biyyi lafaas akka malee dukkanaa'aa

waan jirtuuf barri kun bara naasuu jedhamuu danda'a. Inni of jaja, garuu biyya lafaa of duuba deebisuu hin danda'u. Barichi nagaa lallaba, garuu nagaan hin jiru. An waan hundumaan qulqulluudha jedhee dhaadata, garuu gubaa fedha foonii isa akka ibidda saafaatiin gubachuu ittuma fufa! “Nagaan hin jiru” jedha Waaqayyoon koo warra hamoodhaan.

“Isaan nama namni boo'uufiin ta'udha.”

Kana jechuun isaan waan nama gaddisiisu wayiiti jechuudha. Isaaniif ni gaddituu? Isaanoo nama isaaniif gaddu ni tuffatu. Isaan koormaadhaan of bokoksu. Isaan waan qabaniin of jaju. Wanti isaan qaban garuu qorumsa yeroo dura hin dhaabatu. Isaan dhagaa mul'ata Sagalee Waaqayyoo irratti osoo hin taane, cirracha sigigaatu irratti ijaaramaniiru. Dhi'ootti kirkirri lafaa ni dhufa. Dhi'ootti obonboleettiin dheekkamsa Waaqayyoo firdiidhaaf ni dhufa. Sana booda badiisi tasa ni dhufa, qophiin yaada foonii isaanii hudumtuu utuma jiruu, isaan amma iyyuu wanta lafa irratti dhufuuf jiruuf qophaa'oo miti. Isaan warra dhamaatii biyya lafaatiin of gowwomsaa jiranii fi kanas ofirratti hin beeknedha. Isaan dhugumatti waan nama gaddisiisu ta'aniiru. Namoota hiyyeeyyii sochii Ikumeenikaalii bara dhumaa kana keessa jiraniif boo'aa, isaan sun sosochii Waaqayyooti jedhu, inni garuu kan Seexanaa ti. Warra abaarsa jaarmiyaan qabu hin beekneef boo'aa. Warra waldoota babbareedoo baay'ee, mana amantii mimmiidhagaa, kuwaarii sirriitti leenji'an qabaniif, qabeenyaan warra of agarsiisanii fi bifa waaqeffannaa tasgabbaa'aa fi ulfina qabeessa warra qabaniif boo'aa. Isaaniif boo'aa malee isaanitti hin hinaafinaa. Gara gamoolee onaa duriitti deebi'aa, gara kutaalee ibsaan isaanii dimimmisaa'aniitti deebi'aa, gara lafaa gaditti ijaaramaniitti (cellar) deebi'aa, gara wanta waan biyya lafaatiin xinnaa waan Waaqayyootiin immoo guddaa ta'eetti deebi'aa. Warra nuyi guddaadha, kennaa gurguddaa qabna jedhanii himataniif boo'aa. Yeroo dhi'ootti qodaa dheekkamsaa ta'uuf waan jiraniif, akka qodaa namni boo'uufiin ta'uutti isaaniif boo'aa.

“Isaan hiyyeeyyiidha.” Egaa sana jechuun, isaan hafuuraan hiyyeeyyii dha jechuu akka ta'e beekamaa dha. Milikkinni bara kanaa akkuma dhi'aataa deemuun, waldoonni gurguddoo fi fooyya'oo ta'an isa silaa mul'ina jireenya Hafuura Qulqulluutiin dabalaa deemuun irra ture, sanaa mannaa baay'ina namootaatiin dabalaa deemu. Garuu iddowwan aarsaa guutaman, kennaawwan hafuuraa hojii irra jiran, argamuun hojii dinqisiisaa deebii Waaqayyoo biraa dhufu miti, sababiin isaas warri gara iddoo aarsaa dhufan baay'een isaanii yeroo muraasa qofaaf Waaqayyoo wajjin itti fufu waan ta'aniif, duulli gurguddaan sun erga xumuramee booda sabni warri achi turan eessa dhaqu? Isaan nama tokko dhaga'anii, wawwaannaa nama tokkoof gurra ergisanii, kiyyoo keessa bu'an; garuu isaan qurxummii miti qocaadha malee, isaan sardamanii gara bishaanota keessaa dhufaniitti deebi'aniiru.

Achiis waa'ee afaan hin beekamneen dubbachuu (glossalalia) kun hundi jira—ragaa Cuuphaa Hafuura Qulqulluu ta'uu qaba jedhamee yaadama, sabnis haaromsa hafuuraa guddaa keessa jirra jedhanii yaadu. Haaromsi xumurameera. Amerikaan carraa ishee isa dhumaa bara 1957 fayyadamamteetti. Amma afaanni hin beekamne mallattoo balaa isa Waaqayyo fiduuf jedhuu ti, akkuma yeroo ayyaana Belshaazaar irratti keenyan irratti barreeffamee mul'atee ti. Guyyaa isa dhumaa sanatti namoonni baay'een, “Yaa gooftaa. Yaa gooftaa, nuyi maqaa keetiin raajii dubbanneerra, maqaa keetiin hafuurota hamoota baafneerra, hojii aangoos maqaa keetiin baay'ee hojjenneerra mitii?” ittiin in jedhu. Inni immoo yeroo sanatti,

> *'Matumaa ani isin hin beeku isin yaa warra hamaa hojjettanii, ija koo duraa badaa!' jedheen mul'inatti isaanitti hima“ jedhe.*

Maatewos 7:22-23.

Isaan warra jal'ina hojjetan akka ta'an Yesuus

dubbateera. Ta'us, mee nama dhufee dhukkubsattootaaf kadhatu fudhaa ilaalaa, inni zayitii fi dhiiga qabatee waldaa duratti ba'a, raajii dubbatamuu fi hojii aangoo waaqarraas in agarasiisa, namoonnis naannoo nama akkasiitti walitti in qabamu, inni nama Goofaataati jedhaniis in kakatu. Deebiin isaan qaban deebii guutammaatti Macaafa Qulqulluun wal hin qabanne dha, isaan,“Tole, wanti inni dubbate in raawwata, kanaafuu inni nama Waaqayyooti” jedhu. Kun attam waan hamaadha laata. Dhugumatti barri kun Hafuura Waaqayyootiin attam hiyyeessa, hiyyeeyyii hiyyummaan dha'amanii akka hiyyooman of irratti hin beekne.

“Ati jaamaadha, qullaadhas.”

Amma kun dhuguma waan abdii nama kutachiisuu dha. Akkamitti namni tokko jaamaa fi qullaa ta'ee kana hundumaa of irratti wallaala? Ta'us ati jaamaadha qullaadhas, garuu of irratti hin beektu jedha. Deebiin, isaan karaa hafuuraa jaamaadha karaa hafuuraa qullaadhas kan jedhu ta'a. Yeroo Elsaa'ii fi Gehaaziin loltoota Sooriyaatiin marfaman ni yaadattuu? Elsaa'i humna Waaqayyootiin jaamummaan akka isaan rukute ni yaadattu. Ta'us garuu iji isaanii banamaa, gara itti deemanis sirriitti arguu danda'u turan. Jaamummaa isaanii adda kan godhe waa arguu ni danda'u, wantoota murtaa'oo ta'an biroo kan akka Elsaa'ii fi hojjettoota isaa akkasumas buufata loltoota Israa'el garuu arguu hin dandeenye. Wanti waraanni isaanii arguu danda'u isaan hin fayyadne. Wanti isaan arguu dadhaban booji'amuu isaantti fide. Egaa kun amma nuuf hiika maalii qaba? Duubatti deebi'ee tajaajilli Yesuus lafa irratti maal akka ture hiikee

lafa kaa'a. Inni dhugaa isaan barsiisuuf yaaleera, isaan garuu Isa hin dhageenye.

Yohaannis 9:40-41.

> *"Fariisota warra isaa wajjin turan keessaa jarreen tokko kana dhaga'anii, 'Nus immoo jaamota jechuu keetii ree?' jedhaniin.*
>
> *Yesuus immoo, 'Jaamota utuu taatanii cubbuu hin qabdan turtan, amma garuu in argina jettu, kanaaf cubbuun keessan isin irratti in hafa' jedhee isaaniif deebise."*

Ilaalchi bara kanaa waan yeroo sana turee wajjin sirriitti tokko. Namoonni waan hunda qabu. Isaan waan hundaa beeku. Isaan barsiisuun hin danda'amu. Qabxii dhugaa Sagaliichaa irratti namni tokko ilaalacha isaaniitiin kan mormu ibsuuf yoo yaale, namni dhaggeeffatu akka waa barachuu danda'utti tasumaa hin dhaggeeffatu, waan dhaggeeffatu sana hundumaa fudhatama dhabsiisuuf qofa dhaggeeffata malee. Amma gaaffii haqa qabeessa tokkon gaafachuu barbaada. Caaffanni Qulqull'aan Caaffata Qulqulla'aa dhiituu danda'aa? Macaafni Qulqulluu Macaafa Ququlluu ni faallessaa? Dubbii Waaqayyoo keessa doktiriiniin wal faalleessu lama jiraachuu danda'aa? LAKKI. AKKAS TA'UU HIN DANDA'U. Ta'us saba Waaqayyoo keessaa meeqatu dhugaa sanaaf ija banamu qabaachuu danda'a laata? Hamman beekutti dhibbeentaa tokko illee hin guutu, Caaffanni Qulqulla'aan HUNDINUU geggeessaa Hafuura Waaqayyootiin caafame; barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaatti leejjisuudhaaf dhimma in baasa. Caaffanni Qulqullaa'oon hunduu kanaaf kennaman erga ta'ee, caqasni hunduu wal simee kan deemu ta'a jechuu dha. Garuu nama meeqatu fo'amuu fi gananani badiisaaf qophaa'uun murtee Waaqayyo isa durumaan murtaa'e akka ta'e beeka? Warri dhaga'uu hin feene, ni dhaga'uu? Lakki hin dhaga'an. Ta'us lamaanuu Sagalichuma keessa jiru, wanti jijjiiruu danda'u hin jiru. Garuu waa'ee isaa baruu fi dhugaa barumsa sanaa dhugaawwan biroo kan mormaniin walitti araarsuuf yeroo isaanitti hin fudhatu. Isaan gurra dhaabu, ilkaan qaru, ka'aniis in ba'u. Dhuma bara kanaatti raajiin tokko ni dhufa, garuu wanta inni hojjetuu fi dubbii isaatti iji nama hundaa ni jaama. Sirrii ta'uu isaanii akka malee waan dhugeeffataniif, jaamummaa isaaniitiin waan hundumaa dhabuuf jiru.

Amma Waaqayyo isaan qullaadha jaamaadhas jedha. Wanti akka nama jaamaas qullaas ta'ee, jaamaas qullaas ta'uu isaa of irratti hin beeknee nama gaddisiisuu maaltu jira! Waan tokko qofaatu jira—inni nama sammuun darbe dha. Inni durumaanuu dagannaa gadi fagoo keessa galeera. Sammuun isaa keessaa fudhatameera, inni hafuura waa yaadachuu keessaa ba'eera. Waa'ee isaa kan biraa maal jechuu dabdeenya ree? Hafuurri Qulqulluu waldaa bara dhumaa kana keessaa ba'eera jechuun ni danda'amaa? Namoonni hamma akka Roomaa 1:28 irratti ibsametti Waaqayyoon sammuu isaanii keessaa baasuu irra ga'aniiru.

> *"Isaan Waaqayyoon beekuu, dubbii qajeelaatti waan hin lakkaa'iniif, Waaqayyo immoo yaada jal'aadhaa fi waan namni hin hojjenne hojjechuutti dabarsee isaan kenne."*

Wanti akkasii akka ta'e beekamaadha. Kunoo namoonni nuyi kan Waaqayyoo ti, Waaqayyoon ni beekna, Hafuura Qulqulluu qabna jedhu, garuu isaan jaamaadha qullaadhas, kana hundumaa keessatti immoo of irratti hin beekan. Isaan DURUMAAN GOWWOMFAMANIIRU. ISAAN HAFUURA WALLAALCHISAA QABU. WARRI FO'AMAN HIN GOWWOMFAMAN, WARRI KAAN GARUU GOWWOMFAMUUN ISAANII BEEKAMAA DHA. Isaan kun Sagalee Waaqayyoo waan fudhachuu didaniif jaamaa ta'an. Isaan kun kunuunsaa fi eegumsa Waaqayyoo dhiisanii qullaatti of baasanii karaa fayyinaa kan ofii isaanii, masaraa Baabel kan ofii isaanii jaarmiyaadhaan ijaaruuf kan barbaadanidha.

Oo, Isaan yeroo yaa'ii waliigalaa isaanii fi yaa'ii mana mare isaanii irratti argamanitti, akka ilaalacha isaaniitti attam bareedanii, attam miidhaganii mul'atu laata. Garuu Waaqayyo uffata isaan irraa baasee qullaatti isaan hambiseera, sababiin isaas jaarmiyaaleen kun gara mooraa mormituu Kristoositti, gara maasii inkirdaadaatti warra gubamuuf walitti qabamaniitti dabalamaa jiru waan ta'eef. Isaan dhuma nama namni boo'uufiin male ti. Eeyyee, isaaniif boo'aa, isaan akeekkachiisaa, isaan kadhadhaa (beseech), ammas isaan mataa ol qabatanii gara badiisaatti deemaa jiru, aariidhaan yaalii hundumaa fi waan hundumaan akka maqaa isaaniitti gubachuu irraa isaan baraaruuf godhamu irraa garagalaniiru. Isaan dhuguma nama namni boo'uufiin malu dha, kanas immoo of irratti hin beekan. Qaamni isaanii qarcaccaa'eera waan horooman miti, waan qabatamaatti salphina isaanii ta'een of jaju. Sagalichaan kan morman ta'us gaaf tokko isaanitti faradamee gatii firdii isa suukanneessaa ta'e kaffaluuf jiru.

**Gorsa Barootaa Isa Xumuraa**

Mul'ata 3:18-19,

> *"Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'anetti, uffata adii, arguu akka dandeessuuttis qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa.*
>
> *Warran jaalladhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geeddaradhu!"*

Gorsi Waaqayyoo gabaabaa dha. Innis gara dubbii isaatti. Waldaa guyyaa dhumaa kana gara abdii tokkootti qaljeelcha. Abdiin sunis OFFII ISAA TI. Inns, “Gara koo kottaa bitadhaa” jedha. Gaalee “Ana irraa bitadhaa” jedhu kana irraa kan hubatamu Waldaan Laa'odiiqeyaa oomisha Hafuuraa Mootuummaa Waaqayyootiif barbaachisu Yesuusii wajjin tasumaa akka hin hojjennedha. Daldalli isaanii kan Hafuuraa ta'uu hin danda'u. Isaanitti kan hafuuraa akka ta'etti itti fakkaachuu danda'a, garuu akkamitti ta'uu danda'a? Hojiin isaan gidduu jiru akka Phaawulos, “Waaqayyo akka akeeka isaa isa gaariitti hojjechuudhaaf fedha akka qabaattaniif, akka hojjettaniifis isin gidduutti in hojjeta” jedhu akka hin taane beekamaadha. Filiphisiiyus 2:13. Akkasitti waldoonni, manneen barnootaa,hospitaalonni, hojiiwwan ergamaa fi kkf kun hundi hoo? Waaqayyo hanga isaan sanyii fi hafuura dameelee amantii ta'anitti isaan keessa hin jiru, isaan sanyii fi hafuura Waaqayyoo miti.

“Akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame narraa bitadhu.”

Egaa namoonni kun warqee baay'ee qabu turan, garuu warqee sobaa ture. Warqee sanatu lubbuu namootaa bitee balleesse. Jaalalli isaa hundee hammeenya hundumaa waan ta'eef, amala namaa kan jal'isee fi kan jallisu warqee ture.

Mul'al'ata 18:1-14,

> *“Kana booddees ergamaan biraa tokko aboo guddaa fudhatee, waaqa keessaa utuu gad bu'uu nan arge; ulfina isaa irraa kan ka'es biyyi lafaa in ife.*
>
> *Inni sagalee cimaadhaan iyyee, 'Kufteetti, Baabiln guddittiin kufteetti, iddoo buufata hafuurota hamootaa taateetti; lafa hafuurri xuraa'aan itti deddeebi'u, lafa allaattiin xuraa'onii fi jibbamoon itti deddeebi'an taateetti!*
>
> *Sabni hunduu daadhii wayinii dheekkamsaa isa halalummaa ishee irraa dhufu dhuganiiru, mootonni biyya lafaa ishee wajjin ejjaniiru; naggaadonni lafa irraas badhaadhummaa ishee isa keessa-ba'aadhaan sooromaniiru' jedhe.*
>
> *Ergasiis sagalee biraa tokko waaqa keessaa nan dhaga'e; innis, 'Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha ishee irraas akka hin hirmaannetti, kottaa, ishee keessaa ba'aa!*
>
> *Cubbuun ishee hamma bantii waaqaatti ol tuulameera, Waaqayyos jal'ina ishee hundumaa yadateera;*
>
> *Waan isheen nama irratti fidde, ishee irratti deebisaa, wanta isheen gooteefis, dachaa lama godhaa dugda baasaaf! Xoofoo isheen itti namaaf bulbultetti harka lama kan hammaatu bulbulaaf!*
>
> *Akkuma isheen ulfina ofiif laattee, qannoo keessa-ba'aattis jiraatte, safaruma isaatiin dhiphinaa fi gadda kennaaf! Isheen garaa isheetti, 'Ani mootuun addana nan taa'a, ani haadha hiyyeessaa miti, gaddas matumaa hin argu' ofiin jetteetti.*
>
> *Waaqayyo gooftaan inni isheetti faradu aango-qabeessa waan ta'eef, dha'ichi garaa garaa, dhukkubni adeemaan, gaddi, beelli, guyyaa tokkichatti isheetti dhufuuf jiru; ibiddaanis gubamuuf jirti!' jedhe.*
>
> *Mootonni biyya lafaa warri ishee wajjin ejjanii, qannoo keessa-baatti jiraatan, aara gubachuu ishee yommuu argan, isheedhaaf boo'anii wawwaachuuf jiru.*
>
> *Dhiphina ishee sodaataniis irraa fagaatanii dhaabatanii, 'Yaa Baabilon ati mandara guddittii! Wayyoo kaa, yaa mandara humna-qabeettii, firdiin kee sa'aatii tokko keessatti dhufe'o, wayyoo kaa!' in jedhu.*
>
> *Naggaadonni biyya lafaas, si'achi mi'a isaanii namni irraa bitu waan hin jirreef, isheedhaaf in boo'u in gadduufis.*
>
> *Mi'a warqee, meetii, dhagaa gati-jabeessa, callee, uffata quncee talbaa qullaa'aa irraa hojjetame, uffata bifa dhiilgee, haarrii, uffata bildiimaa, muka urgaa'u hundumaa, mi'a ilka irraa hojjetame, mi'a muka baay'ee gati jabeessa irraa hojjetame, mi'a sibiila diimaa, kan sibiilaa, kan dhagaa miidhagaa gati-jabeessaas,*
>
> *Qarafaa, urgooftuu dibataa, ixaana, qumbii, haphee, daadhii wayinii, dhadhaa ejersaa, daakuu bullaa'aa, qamadii, saawwa, hoolaa, farda, konkolaataa fardaan harkifamu, garba, lubbuu namaa iyyuu isaan irraa kan bitu hin jiru.*
>
> *Isaan yommus, 'wanti lubbuun kee ija isaa argachuudhaaf hawwee ture si harkaa ba'eera, Simboon kee fi cululuqni kee hundinuu si harkaa badaniiru, deebi'aniis matumaa hin*

*argaman!' ittiin jedhu.*"

Kun sirriitti waldoota guyyaa dhumaa warra gurmaa'anidha, sababiin isaas lakkoofsa 4 irratti, "Yaa saba ko! Ishee keessaa ba'aa" jedha waan ta'eef. Ol butamuun hanga ammaatti hin raawwatamne. Haalli suukaneessaan kun waldaa soorettii fi sobduu kana keessa jiru yeroo jirutti misirroon ammallee hin deemne.

Garuu, warqeen Waaqayyoo jira.

1Phexros 1:7,

> *"Warqeen inni baduuf jiru iyyuu ibiddaan in qorama; amantiin keessan inni warqee caalaa gati-jabeessi immoo, guyyaa Yesus Kristos itti mul'achuuf jiru sanatti, jajamee guddinaa fi ulfina akka argatutti qoramee in ilaalama."*

Warqeen Waaqayyoo amala Kristos fakkaatu kan rakkina akka ibidda saafaa boba'uu keessatti oomiishamudha. Warqee inni sirriin isa kana.

Garuu har'a waldaan warqee akkamii qabdi? Warqee biyya lafaa isa badu qofa qabdi. Isheen sooromtuudha. Isheen ofitti gammadduudha. Ishee sooruma ulaagaa guddaa hafuuraa taasifatteetti. Ragaan eebba Waaqayyoo, sirrii ta'uun doktiriinii fi kkf amma dureeyyiin meeqa keessatti hirmaataniiru kan jedhu irratti hundaa'a.

"Ati osoo yeroon sitti hin darbin utuu dhuftee siif wayya ture," jedhe Gooftaan, "warqee ibidda keessatti qoramee ilaalame narraa bitadhu sana booda dhuguma duroomtaa." Nuuf gala jiraa? Na dhaggeeffadhaa. "Qullaa (qaamaan) gara biyya lafaa dhufne, garuu qullaa (hafuuraan) hin deebinu." Oo, lakki, waan tokko fudhannee deemuuf jirra. Wanti sun maal seetan, waan xiqqoos miti waan humna keenyaan oliis miti; waan nu madaalu fudhannee deemuuf jirra. Kanaafuu waan Waaqayyo duratti nu qajeelchu akka fudhannu arguuf amma of eeggannoo dhugaa gochuu wayya. Kanaafuu, egaa maal fudhanna? Amala keenya ni fudhanna, yaa obboleessaa kanuma fudhanna. Amma isin amala akkamii fudhattu? Akka kan ISAA kana amalli Isaa ibidda boba'aa rakkinaa keessatti gidiraan bocame ta'aa moo lallaafaa saba Laa'odiiqeyaa amala hin qabne kanaa ta'a? Guyyaa sanatti namni hundinuu ba'aa mataa isaa waan baatuuf, ba'ichi kan tokkoon tokkoon keenyaati.

Amma, magaalaan Laa'odiiqeyaa magaalaa badhaatuu akka turte isinitti himeen ture. Saantima warqee gama lamaaniin irratti barreeffame qabdi turte. Saantimni warqee sun amala bara sanaa qaba ture—sababii saantima sanaatiif daldalli dagaagaa ture. Har'a saantimi warqee mataa lamaa nu bira jira. Isaan of binnee isaan of gurgurra. Waldaa keessattis kanuma galmaan ga'uuf yaalla. Cubbuu keessaa of binnee gara jireenya waaqaatti galuus bitaa jirra. Waaqayyo garuu akkas hin jedhu.

Waldaan qabeenya ajaa'ibaa akkasii qabdi, yeroo kamiyyuu sirna daldalaa addunyaa guutuu dhuunfachuu dandeessi, dhugumatti geggeessituu Mana Maree Waldoota Addunyaa keessatti waldaan gara fuulduraatti akka hojjettu, akka dandeessu, akka gootus ifatti raajii dubbatteetti. Riqaan isaanii inni warqee irraa hojjetame Baabel garuu ni kufa. Warqee ibiddaan qorame qofaatu irraa hafa.

Sun waanuma waldaan baroota keessa utuu wal irraa hin kutin gootedha. Isheen Sagalee waaqayyoo dhiistee qanoonaa fi doogimaa mataa ishee fudhattee jirti; of gurmeessitee biyya lafaatti of maktee jirti. Akkasitti qullaa taate, Waaqayyos jal'ina isheetiif isheetti faradaa jira. Karaan isheen ittiin haala sodaachisaa kana keessaa ba'uu dandeessu Gooftaadhaaf abboomamuudhaan gara Sagalee Isaatti deebi'uu qofaadhaani.

Mul'ata 18:4,

> *"Yaa saba ko! Ishee keessaa ba'aa" jedha.*

2Qorontos 6:14-18,

> *"Warra hin amannee wajjin walitti hin hidhatinaa! Qajeelinnii fi jal'inni maal walittii qabu? Ifnii fi dukkanni tokkummaa maalii qabu ree?*
>
> *Kristoosii fi Seexanni attamitti walii galuree? Inni amane isa hin amanne biraa qooda maalii qaba ree?*
>
> *Manni qulqullummaa Waaqayyoo immoo waaqayyolii tolfamanii wajjin walii galtee maalii qabu? Waaqayyo jiraataadha, nuyis mana qulqullummaa isaati; Waaqayyo ofii isaatii, 'Ani isaan bira nan buufadha, isaan gidduus nan deddeebi'a; ani Waaqayyo isaanii nan ta'a, isaanis saba koo in ta'u' jedheera.*
>
> *Iddoo biraattis immoo, 'Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba'aas; wanta xuraa'aa harkaan hin qabinaa! Anis isinan simadha, jedha gooftaan.'*

*Akkasumas immoo, 'Ani abbaa isiniif nan ta'a, isinis ilmaan koo intaloota koos in taatu' jedha gooftaan inni hundumaa danda'u' jedhameera.*"

Uffanni gatii sanaaf kennamu jira, innis gatii addaan of baasuuf kaffalamu dha.

*"Arguu akka dandeessuuttis qoricha ija keetti naqadhu."*

Qoricha ijaa kana bitachuu qabda hin jedhu. Oo, lakki. Hafuura Qulqulluu argachuuf gatii nama hin gaafatu.

Galaatiyaa 3:2,

*"Waan seerri isin irraa barbaadu gochuudhaan moo yookiis wangeela dhageessanii itti amanuudhaan hafuura qulqulluu fudhattan? Kana duwwaa isin irraa baruu nan barbaada."*

Hafuura Qulqulluudhaan yoo Cuuphamatan malee, dhugaa mul'ata Hafuuraa Sagalee Waaqayyootiif iji keessan gonkumaa banamuu hin danda'u. Namni Hafuura Qulqulluu hin qabne Waaqayyottis dhugaa Isaattis jaamaa dha.

Yeroon waa'ee qoricha ijaa isa ija namootaa banu kana yaadu, isa yeroon mucaa xiqqaa ta'ee Kentaakii keessa turee irraanfachuu hin danda'u. Anii fi obboleessi koo siree xaawulaa qooxii gubbaa irra cidii hafannee rafna turre. Manni keenya qaqaawwaa waan tureef qorri ol seena ture. Yeroo tokko tokko waqtii qorraa baay'ee dhaamochuu irraan kan ka'e ganama ganama yommuu hirribaa kaanutti diilalla gar malee irraan kan ka'e iji keenya dhukkubsatee walitti hodhama ture. Nuyis haadha keenyatti iyyina, isheenis giraasoo ho'aa wayii qabattee dhuftee hanga wanti ija keenyatti qabate sun badutti ija keenyatti sukkuumti turte. Achii boodas arguu dandeenya turre.

Dhaloota kana keessatti qorri suukaneessaan waldaatti qilleensa'aa akka ture ni baaktu, iji ishee akka waan diilallaa'eetti cufamee waan Waaqayyo isheef qabuttii jaamteetti jedheen sodaadha, iji ishee akka banamuuf zayita ho'aa isa ta'e Hafuura Waaqayyoo ishee barbaachisa. Hafuura Waaqayyoo yoo fudhatte malee humicha sagantaadhaan bakka buusuu, Sagalicha qanoonaadhaan bakka buusuu ittuma fufti. Isheen ija godhachuuf dhama'uu mannaa milkaa'ina lafarraatiif dhamaati. Doktooronni ti'ooloojii balbala amantii cufanii namni hunduu akka ol hin seenne dhorkaniiru. Isaan ofiis ol hin seenan namni akka ol seenus hin godhan. Ti'ooloojiin isaanii kitaaba barataa waa'ee saayikoloojii qoratu kan namoota hin amanneen barreeffame keessaa waraabama. Kitaabni barnootaa waa'ee saayikoloojii ibsu tokko jira, inni hunda keenya nu barbaachisu; innis Macaafa Qulqulluu dha. Inni Waaqayyoon kan barreeffame yoo ta'u, saayikoloojii Waaqayyoo of keessaa qaba. Akka Isa isiniif ibsuuf dokteera tokko illee isin hin barbaachisu. Hafuura Qulqulluu fudhadhaa, Isatu isa isiniif ibsaa. Macaafa kana kan barreessee Isa waan ta'eef waan isa keessa jiruu fi hiika isaa Isatu isiniif ibsuu danda'a.

1Qorontos 2:9-16,

*"Caafata Qulqullaa'oo keessatti, 'Waan Waaqayyo warra isa jaallataniif qopheesse, iji namaa hin argine, gurri namaas bira hin geenye' in jedha.*

*Waaqayyo garuu hafuura qulqulluudhaan isa kana nutti mul'ise; hafuurri qulqulluun waan hundumaa, yaada Waaqayyoo isa gad fagoo iyyuu qoree bira in ga'a.*

*Waan yaada namaa keessa jiru, hafuuruma namicha keessa jirutu beeka malee, namni biraa beekuu hin danda'u; akkasumas hafuura Waaqayyoo malee, eenyu illee yaada Waaqayyoo hin hubatu.*

*Ammas nuyi kennaa isa Waaqayyo biraa nuuf kenname beekuudhaaf, hafuura isa Waaqayyo biraa dhufe fudhanne malee, hafuura biyya lafa kanaa hin fudhanne.*

*Kanaafis nuyi dubbii hafuuraa warra hafuuricha argataniif waan hiiknuuf, isa dubbannu barsiisa hafuurichaatiin malee, barsiisa ogummaa namaatiin hin dubbannu.*

*Namni hafuuricha hin argatin, kennaan sun isatti gowwummaa dha. Kennicha gargar baasee shallaguudhaaf iyyuu hafuuricha qabaachuu waan barbaachisuuf, isa hubachuu hin danda'u.*

*Namni hafuuraan waan hundumaa shallaga, isa garuu namni tokko iyyuu hin shallagu.*

*Caaffanni Qulqullaa'aan, 'Eenyutu yaada gooftichaa beeka? Eenyutus isa gorsuu danda'a?' jedha. Nuyi garuu yaada Kristos qabna.*"

Amma wanti Hafuurichi iyyuuf hundi dhugaa bara kanaatiif yoo ta'e, nama akka Yohaannis Cuuphaa ka'ee akka kanaan dura hin baratamnetti waldaa kana dura dhaabatee ittiin mormu qabaachuu nu barbaachisa. Bara keenya kanatti wanti qabatamaatti dhufaa jiru isuma kana. Yohaannis Cuuphaa kan biraan dhufaa jira, innis akkuma isa duraan dursee dhufe sanaa ni iyya. Waan lakkoofsi itti aanu dubbatu

irraa kaanee innis akkasuma akka godhu ni beekna.

Mul'ata 3:19,

*“Warran jaalladhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geeddaradhu!”*

Kun ergaa Yohaannis amantoota waa'ee hin baafneen, warra Fariisotaa, Saaduqootaa fi warra hin amannee sanaan, “YAADA GARAA GEEDDRADHAA!” jedhee isaanitti iyyee wajjin tokkuma. Yeroo sanatti barsiisi biraa hin turre; ammas barsiisi biraa hin jiraatu. Yeroo sanatti karaan biraa ittiin gara Waaqayyootti deebi'an hin turre, ammas karaan biraa hin jiraatu. Karichi YAADA GARAA GEEDDARACHUU qofaa dha. yaada sammuu keessanii geeddaradhaa. Fuula keessan as deebisaa. YAADA GARAA KEESSAANII GEEDDARADHAA, maaliif duutu?

Mee gaalee jalqabaa, “Warran jaalladhu” jedhu qorree haa ilaallu. Afaan Giriikii keessatti xiyyeeffannaan maqaa dhuunfaa “ANA” jedhu irratti argama. Inni akka baay'een itti dhaga'amutti hin dubbatu, “Warra ANA jaallatan” hin jedhu. Lakki obboo. Lakkoofsa kana keessatti Yesuusiin akka mi'a jaalala namaa gochuuf gonkumaa yaaluu hin qabnu. Lakki! Warri WAAQAYYO ISAAN JAALLATU BAAY'EE DHA. Gaaffii keessa kan galuu qabu jaalala ISAATI malee kan keenya MITI.

Kanaaf ammas fayyina Isaa, kaayyoo Isaa fi karoora Isaatiin ulfina arganna, dhugaa doktriinii birmadummaa Waaqayyoo keessattis daran cimnee argamna. Akkuma inni Roomaa 9:13 irratti, “Ani Yaaqooniin nan jaalladhe” jedhee ti. Amma erga namoota BAAY'EE jaallatee, haala ofitti gammaduu keessa seenee, warra Isatti hin dhi'aannes ni jaallata jettanii yaadduu? Kun tasumaa ta'uu hin danda'u sababiin isaas Roomaa 9:13 irratti,“Esaawuu nan jibbe” jedhee labseera. Lakkoofsa 11 irratti immoo Hafuurri Qulqulluu ija jabinaan, “Ijoolleen sun utuu hin dhalatin, isaan keessaas tokko illee gaarii yookiis hamaa utuu hin godhin, AKEEKI FO'ANNAA WAAQAYYOO DHAABATAA AKKA TA'UUF, akka waamicha isaatiitti malee, akka gochaa namaatti akka hin taane beeksisuudhaaf” jedhee dubbateera. Jaalalli kun “Jaalala Fo'annaa” ti. Jaalalichi jaalala Inni warra fo'ateef qabu dha. Jaalalli Inni isaaniif qabus JAALALA NAMNI NAMA JAALLATUUUF qabu irraa adda waan ta'eef kaayyoon Waaqayyoo fo'annaadhaan dhaabata kunis hojii ykn waan namni of keessaa qabu kamiyyuu irraa faallaa ta'uu isaati. Sababiin isaas “IJOOLLEEN SUN UTUU HIN DHALATIN”, DURAAN DURSEE, “Ani Yaaqoobiin jaalladheera, Esaawuu garuu nan jibbe” jedhe.

Amma immoo warra kan Isaa ta'aniin,“Warran jaalladhu hundumaa BALLEESSAA ISAANII ITTAN MUL'ISA (rebuke), BARSIISUUDHAAFIS NAN ADABA (chasten)” jedha. Ifachuu jechuun ceepha'uu jechuu dha. Ceephaa'uu jechuun immoo, “akka of sirreessuuf ifatti saaxiluu” jechuu dha. Adabuu (chasten) jechuun adabbii (punish) jechuu miti. Namni tokko hojii isaatti akka gaabbuuf gocha isaa ifatti baasanii akka of ceepha'u gochuudha malee. Adabuu (chasten) jechuun, “fooyya'iinsi yaada sammuu nama sanaa keessa waan jiruuf naamuusa qabsiisuu” jechuu dha.

Kunis waanuma kallattiidhaan Ibroota 12:5-11 irratti argannudha.

*“Sagalee gorsaa isa Waaqayyo akka ilmaaniitti isinitti dubbatu irraanfattaniittuu ree? Inni, 'Ilma ko! Gooftichi si barsiisuudhaaf yommuu si adabu, salphaatti hin ilaalin; adabee yommuu si qajeelchus garaa hin kutatin!*

*Gooftichi nama jaallatu barsiisuuf in adaba, nama akka ilmaatti fudhatus in reeba' in jedha.*

*Isinis barsiifamuudhaaf adaba kana obsaan danda'aa! Waaqayyo wanta ilmaaniif godhamuun ta'u, isiniif in godha; ilmi abbaan isaa barsiisuuf hin adabne immoo isa kam ree?*

*Adaba hundinuu barsiifamuudhaaf argatan keessaa, utuu hin argatin yoo hafatan garuu isin ilmaan abbaa hin beekamneettii dhalattan malee, dhuguma ilmaan isaa hin taatan.*

*Kana malees, abboota lafa kana irratti barsiisuuf nu adaban qabna; nus isaan in safeeffanna. Abbaa keenya isa hafuuraaf immoo caalchifnee abboomamnee jireenya argachuun nuuf hin ta'uu ree?*

*Isaan sun bara gabaabduudhaaf akka isaanitti gaarii fakkaatetti barsiisuudhaaf nu adaban; inni kun garuu qulqullummaa isaa keessaa qooda qabaachuuf akka waa'ee nuuf baasutti barsiisuuf nu adaba.*

*Adabni barsiisuudhaaf kennamu yeroo sanaaf kan nama gaddisiisu malee, kan nama gammachiisu hin fakkaatu; booddee garuu warra itti baraniif ija in godhata; iji sunis kan nagaa fi kan qajeelinaa in ta'a.“*

Hima kana keessatti jaalalli Waaqayyoo ibsameera. Inni jaalalaan maatii Isaa warra ta'an, maatii ilmaan Isaa ta'an-ilmaan Isa fakkaatan hawwe. Ilmi namaa hundi akka suphee kutaa TOKKOtti Isa dura

jira. Inni amma suphee kutaa tokkicha sana irraa qodaa ulfinaa fi salphinaa ni tolcha. Filannoon kan Isaa ti. Warri filatamnis Hafuura Isaattii warra dhalatan, akka fakkaattii Isaatti akka adeemaniif in leenjifamu. Namni akkasii obsa dheeraa, dhiphina dheeraa fi gara laafina hundumaan NI ADABAMA. Harki isaa mismaaraan waraanamee NI ADABAMA. Yeroo tokko tokko suphe-dhooftuun kun qodaan inni dha'aa jiru akka inni barbaadetti yoo xumuramuu dhaabaate, isuma caccabsee deebisee akka barbaadetti sirreessee in dha'a. GARUU JAALALAAFI. SUN JAALALA ISAA TI. KARAAN JAALALA ISAA KAN BIRAAN HIN JIRU. JARAACHUUS HIN DANDA'U.

Oo, yaa warra xixinnaayyoo nana, hin sodaatinaa. Barri kun saffisaan xumuramaa jira. Akkuma inkirdaadi kunneen walitti hidhamuuf jiran, akkuma funyoon dachaa sadi'iin fo'ame salphaatti hin cinne, humna jabaa dachaa sadiin fo'ame kan siyaasaa, kan foonii fi kan hafuuraa (kan Seexanaa) tiin walitti hidhamanii misirroo Kristoos balleessuuf ishee barbaaduuf jiru. Isheen gar malee dhiphachuuf jirti, garuu dandamachuuf jirti. Wantoota biyya lafaatti dhufaa jiran kanneen hin sodaatinaa, sababiin isaas Yohaannis 13:1 irratti, "*Inni biyya lafaa kana keessatti kan isaa warra* ta'*an akkuma jaallate*, *hamma dhumaatti jaalala guutuu isaan argisiise*" jedha waan ta'eef.

"Dhimmiitii [hinaafiitii] yaada garaa kee geeddaradhu." Amma waldaan sobaa kun hinaaffaa qabdi; sun waan hin haalamnedha. Hinaaffaan ishee ifaan ifatti hinaaffaa Yihudootaa ture,

Yohaannis 2:17,

*"Hinaaffaan mana keetii na guba."*

Garuu hinaaffaa sobaati. Innis mana ofii isaaniitii ijaaraniif hinaafuu ture. Innis qanoonaa isaaniif, doogimaa isaaniif, jaarmiyaa isaaniif, qajeelummaa isaaniif hinaafuu ture. Isaan yaada isaniitiif jecha Sagalicha gadi xiqqeessan. Hafuura Qulqulluu aangoo irraa buusanii namoota isaan geggeessan muudan. Jireenya Bara Baraa akka Namaa tokkootti cinatti dhiisanii, hojii gaarii duukaa bu'an, ykn hojii gaarii irra iyyuu seera waldaa akka jireenya bara baraatti fudhatan.

Waaqayyo garuu hinaaffaa biraa waamaa jira. Innis hinaaffaa, "ANI KARAA QAJEELAA IRRA HIN JIRU" jedhanii iyyuuti. Amma eenyutu karaa qajeelaarra hin jiru ofiin jechuuf deema? Waldoonni amantii (denominations) kun hundinuu maal irratti kan buu'uureffamnidha?—jalqaba ta'uu isaanii himachuu, kan Waaqayyoo ta'uu,—sirrii ta'uu isaanii himachuu irratti. Amma HUNDI isaanii sirrii ta'uu hin danda'an. Dhugaa dubbachuuf isaan keessaa sirriin TOKKO illee hin jiru. Isaan siidaa awwaalaa halluu adii dibamee, keessi isaa lafee namoota du'aniin guutamee ti. Lubbuu (jireenya) hin qaban. Isaan ragaa mirkaneeffannaa Waaqayyo biraa hin qaban. Waaqayyo jaarmiyaa kamuu keessatti of beeksisee hin beeku. Isaan waanuma ofii jechaa jiraniif qofa nuyi sirriidha ofiin jedhu, garuu ani sirriidha ofiin jechuun sirrii nama hin godhu. "Gooftaan akkas jedha" kan jedhu isa Waaqayyoon mirkanaa'e isaan barabaachisa, isaan isa hin qaban.

Amma mee asitti kana nan jedha. Waaqayyo akka yaada garaa geeddarataniif waldaa sobaa qofa waamaa jira jedhee hin amanu. Lakkoofsa kana keessatti warra fo'atetti dubbachaa jira. Isaanis akkuma warra sanaa waan yaada garaa itti geedarachuu qaban qabu. Ijoolleen Isaa hedduun amma illee waldaa sobaa sana keessa jiru. Isaan warra waa'een isaanii Efesoon 5:14 irratti dubbatamee ti. *"Wanti bakkeetti baafamu hundinuu ifaadha. Kanaaf, 'Ati yaa isa raftuu, dammaqi! Warra du'an keessaa ka'i, Kristos siif in ibsa' jedhame."* Rafuun du'uu miti. Isaan kun warra du'an gidduu warra rafaa jiranii dha. Isaan warra manneen amantii du'oo keessa jiranii dha. Isaan warra du'anii wajjin bololi'aa jiru. Waaqayyo, "DAMMAQI! Gadhummaa (folly) irraa yaada garaa kee geeddaradhu"jedhee iyyaa jira. Asitti dhiibbaa uumaa jiru, yeroo isaanii fi maallaqa isaanii, qabatamaadhaaniis lubbuu isaanii jaarmiyaalee mormituu Kristosiif kennaa jiru, yeroo kana hundumaattis homaa rakkoo hin qabu jedhanii yaadu. Yaada garaa isaanii geeddarachuu qabu. Qalbii jijjiirrachuu qabu. Qalbii isaanii geeddaratanii gara dhugaatti deebi'uu qabu.

Eeyyee, barri kun bara hundumaa caalaa qalbii diddiirrannaa isa barbaachisa. Garuu ni diddiirrataa? Sagalee Waaqayyootti deebisee lubbuu ni horaa? Jireenya namootaa keessatti deebisee Hafuura Qulqulluu ni muudaa? Deebisee Yesusiin akka fayyisaa TOKKICHAATTI ulfina ni kennaafii? Ani kana ni godha hin jedhu, sababiin isaas lakkoofsi itti aanu dhugaa nama ajaa'ibuu fi nama rifaasisuun cufamuu bara kanaa mul'isa waan ta'eef.

**Kiristoos Waldaa Ala Jira**

Mul'ata 3:20-22,

*"Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata.*

*Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf.*

*Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u kan jedhuu dha.*"

Amma lakkoofsa kana irratti burjaajii guddaatu jira sababiin isaas tajaajiltoonni dhuunfaan hojjetan baay'een lallaba dhuunfaa isaanii keessatti akka waan Yesus balabala laphee cubbamaa hundumaa seenuuf rurrukutaa jiruutti waan itti fayyadamaniif. Silaa yeroo sanatti cubbamaan balabala yoo bane Gooftaan ol ni seena jedhama ture. Garuu lakkoofsi kun waa'ee cubbamootaa dhuunfaatti dubbachaa jira miti. Ergaan kun akkuma ergaan bara hundumaa gudunfaa walii galaa qabu kunis gudunfaa walii galaa qaba. Lakkoofsa 22 irratti, *"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u"* jedha. Ergaan kun ergaa waldaa bara dhumaatiif dabarfamedha. Kunis haala waldaan Laa'odiiqeyaa yeroo dhumni ishee as dhi'aataa jiru keessa jirtuu ti. Ergaa dhuunfaa nama tokkoof dabarsu miti; innis Hafuura iddoo Yesuus jiru nutti himudha. KIRISTOOS WALDAA DHIISEERA.

Kun bu'aa ykn xumura loojikii mitii erga Sagaleen Waaqayyoo seera waldaatiif jedhamee cinatti dhiifamee, erga Hafuurri Qulqulluu phaaphaasotaaf, bishooppotaaf, pirezidaantootaaf, gorsitootaaf fi kkf jedhamee aangoo irraa bu'ee,hojii sagantameeffameef, ykn waldaatti makamuudhaaf, ykn waan tokko tokkoof sirna waldaa tokkoo wajjin walsimuuf jedhamee Fayyisaan moggaatti dhiifamee? Kana caalaa maaltu Isa irratti godhamuu danda'a? Kun gantummaa (apostasy) dha! Kun kufaatii dha! Kun balabala mormituu Kristoosiif banuudha, isa Maqaa Abbaa Isaatiin dhufe (Yesuus) hin simanne Isa tuffatan malee, kan biraan maqaa ofii isaatiin (sobduun, fakkeessituun) yoo dhufe garuu isaan isa ni simatu, Yohaannis 5:43. Nama cubbamaa, ilmi badiisaa sun harka isaa jala galfachuuf jira.

Maatewos 24 keessatti Yesus dhufuu isaa dura guyyaa dhumaa kana ilaalchisee mallattoowwan waaqa irratti mul'atan kaa'eera. Mallattoo akkasii dhi'eenya kana raawwatame isa dhugaa irratti mari'achaa turre sana agarsiisu hubattaniittu jedheen yaada. Dhugaan sun Yesuus hanga bara dhumaatti waldaa keessaa gara alaatti suuta suuta dhiibamuudhaan dhuma irratti dhiibamee ala baafamuu isaa ti. Bara jalqabaatti waldaa isheen dhugaa geengoo guutuu turte jechuun ni danda'ama akka ture yaadadhaa. Ta'us dogoggorri xiqqoo gocha warra Niqoolaawotaa jedhamtu kan geengoon sun akka hin guutne godhetu ture. Achiis bara itti aanutti dukkanni dabalataa hamma kubbaan ifa xiqqoo ibsutti, dukkanni immoo geengoo sana caalaa haguuguutti seene. Bara sadaffaa keessatti ammas caalaatti dukkanaa'e, bara afuraffaatti immoo bara Dukkanaa ture sana keessatti ifni sun guutummaatti badee ture. Amma mee kana irratti yaadaa. Waldaan ifa Kristos calaqqisiisun ifti. Inni ADUU dha. Waldaan immoo JI'A (ADDEESSA) dha. Akkasitti marsaan geengoo kun ji'adha. Barri jalqabaa ji'a guutuu ture jechuun kan danda'amu turte, bara afuraffaatti gara baduutti gadi bu'ee ture. Garuu bara shanaffaatti deebi'ee guddachuu eegale. Bara ja'affaa irrattis tarkaanfii guddinaa guddaa fuulduratti fudhate. Kutaa bara torbaffaa keessatti ammallee guddachaa ture, yeroo tasa gabaabsee dhaabatee, gara waan hin jirre jechuun danda'amutti gadi hir'ate, bakka ifaa gurraacha akka gantummaa ta'ee, dhuma bara sanaa irrattis dukkanni waan isa dhuunfateef ibsuu dhiisee ture. Kiristoos yeroo kanatti waldaa ala ture.

Kunoo mallattoodhaan bantii waaqaa keessatti mul'ateera. Dukkanaa'uun ji'aa inni dhumaa guutummaatti dukkanaa'uu ture. Marsaa torba irratti gara guutummaatti seene. Marsaa torbaffaa irratti, dukkanni waliigalaa kan dhufe yeroo phaaphaassiin Roomaa (Phaawuloos isa ja'affaan) gara Filisxeem dhaqee adeemsa qulqulla'aa Yerusaalemitti gochuuf deemetti ture. Inni phaaphaasii gara Yerusaalem deeme isa jalqabaa ture. Phaaphaasichi Phaawuloos isa ja'affaadha. Phaawuloos ergamaa jalqabaa waan tureef namichi kun maqaa sanaan deeme. Hubadhaa, isa ja'affaadha, ykn ja'a lakkoofsa namaa ti. Waan akka tasaa wal irra bu'e isinitti hin fakkaatin. Yeroo gara Yerusaalem deemettis ji'i ykn waldaan gara dukkana guutuutti seene. Kun isa. Kun isa xumuraa ti. Dhaloonni kun hanga wanti hunduu raawwatamutti hin darbu. Haa ta'u Gooftaa Yesuus, dafii kottu!

Amma maaliif wayiniin lamaan, inni tokko dhugaa inni kaan immoo soba akka turan hubachuu dandeenya. Amma Abrahaam maaliif ilmaan lama akka godhate hubachuu dandeenya, inni tokko fooniin (kan Yisihaaq ari'ate sun) inni tokko immoo kan kakuudhaan dhalate. Amma maatii tokko keessaa akkamitti ijoolleen dhiiraa lama lakkuu ta'anii akka dhaltan arguu dandeenya, inni tokko nama waan Waaqayyoo beekuu fi jaallatu dha, inni kaan immoo dhugaa jiru baay'ee isaa kan baaku, garuu hafuura wal fakkaataa irraa kan hin taane dha, kana irraa ka'uudhaan ilma fo'atame sana kan ari'atu ta'e. Waaqayyo nama didaa akkasumaan didaa hin goodhe. Inni nama isa fo'atameef jedhee nama didaa mata jabeessa godhe. NAMNI FO'ATAME NAMA FO'ATAME KAN BIRAA ARI'ACHUU HIN DANDA'U. Namni fo'atame nama fo'atame kan biraa miidhuu hin danda'u. Warra fo'ataman ari'atanii kan balleessan warra mata jabeeyyii dha. Oo, warri mata jabeeyyiin nama amantii of fakkeessu. Isaan sanyii Qaayin, isaan sanyii bofaati.Isaan Baabeliin ijaaru, isaan magaalota isaanii ijaaru, isaan impaayera isaanii ijaaru, yeroo kana godhan hundumaas Waaqayyoon waammatu. Isaan sanyii dhugaa ni jibbu, waan danda'an hundumaas ni godhu, warra Waaqayyoof fo'aman balleessuuf iyyuu Maqaa Gooftaa itti waamu. Garuu immoo jiraachuun isaanii barbaachisaa dha. "Qolli ija qamadii qamadii sanaaf maali?" Qolli qamadii hin jiru taanaan, iji qamadiis hin jiraatu. Dhuma irratti garuu maal ta'a qolichi? Ibidda hin dhaamneen gubata. Qamadiin hoo? Garam deema? Gombisaa Isaatti walitti qabama. Gombisaan sunis iddoo Inni jiru dha.

Yaa warra Waaqayyo isin fo'atee, of eeggadhaa. Itti dhi'eenyaan hordofaa. Of eeggadhaa. Fayyina

keessan sodaa fi rom'aan galmaan ga'adhaa. Waaqayyotti hirkadhaa humna isaatiin jabaadhaa. Mormituu keessan seexanni amma iyyuu akka leenca nama nyaachuuf ka'eetti amuummachaa jira. Kadhannaa irratti dammaqaa, jabaadhaa. Yeroon kun yeroo dhumaati. Wayiniin dhugaas ta'e kan sobaa, gara bilchinaatti dhufaa jira, garuu qamadiin osoo hin sassaabamin dura inkirdaadi walitti qabamee akka gubachuuf ta'utti walitti hidhamuu qaba. Ilaalaa, hundi isaanii Mana Maree Waldoota Addunyaatti makamaa jiru. Walitti hidhamuu jechuun sana. Yeroo dhi'ootti qamadii walitti qabuun ni dhufa. Garuu yeroo ammaa kana hafuuronni lamaan muka wayinii lamaan keessatti hojii hojjechaa jiru. Inkirdaada keessaa ba'aa. Gooftaa keessan biratti nama galataa taatanii akka ilaalamtaniif, akkasumas Isaa wajjin akka mootanii fi bulchitaniif, ammumaa mo'uu jalqabaa.

**Teessoo Isa Mo'uu**

Mul'ata 3:21,

*"Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf."*

Amma maal mo'uu qabna? Gaaffiin ijoon asitti gaafachuu qabnu isa kana. Garuu sun yaada qabatamaa lakkoofsa kanaa miti sababiin isaas irra caalaatti MAAL mo'uu qabnaa osoo hin taane AKKAMITTI mo'uu qabna waan jedhu irratti kan xiyyeeffate dha. Amma kun loojikii dha, AKKAMITTTI mo'uu akka dandeenyu erga beeknee waa'een MAAL moonaa baay'ee waan nu dhiphisu qabaa?

Gooftaan Yesuus mo'uu Isaa Caaffata Qulqullaa'oo agarsiisan daddafnee ilaaluudhaan dhugaa yaada kanaa ni baasna. Maatewos 4 keessatti,Yesuus Seexanaana qoramee, qorumsa dhuunfaatti Seexaanaan qorame Sagalee Waaqayyootiin, akkasumas Sagalee Waaqayyoo duwwaadhaan isa mo'ate. Tokkoon tokkoon qormaata gurguddaa sadan iddoo dhaabaa Eedenii wajjin wal siman, hawwii foonii, hawwii ijaa fi of tuulummaa jireenyaa Yesuus Dubbii Waaqayyootiin mo'e. Hewaan Sagalichatti fayyadamuu dhabuudhaan qorumsa dhuunfaatti Seexanni ishee qoreen kufte. Addaam kallattiidhaan Sagaleedhaaf abboomamuu diduudhaan kufe. Yesuus garuu Sagaleedhaan injifate. Yeroo ammaa kanas, mee akkan jedhutti, karaan ittiin mo'ataa ta'uu dandeessan kana qofa, akkasumas yoo mo'achaa jirtu ta'es karaan ittiin beekuu dandeessan kana qofaadha, sababiin isaas Sagalichi darbuu HIN DANDA'U waan ta'eef.

Amma ammas Yesuus sirnoota amantii akkamitti akka mo'e hubadhaa. Innni yeroo gaaffii hayyoota tiyooloojii bara sanaatiin qorametti, yeroo hundumaa Dubbii Waaqayyoo hojii irra oolchaa ture. Inni waan Abbaan akka dubbatuuf Isaaf kenne qofa dubbate. Ogummaan Isaa ogummaa Waaqayyoo waan tureef yeroon biyyi lafaa ogummaa Isaatiin guutummaatti hin burjaaja'in hin turre.

Jireenya dhuunfaa Isaa keessatti, Ofii Isaatii falmee, Sagalee Waaqayyootiif abboomamuudhaan injifate. Ibroota 5:7-9 keessatti akkas jedha,

*"Yesus biyya lafaa kana irra yeroo jiraachaa turetti, sagalee guddaadhaan imimmaaniin, kadhataa fi waammata gara isa du'a isa oolchuu danda'uutti dhi'eesse; sababii inni ulfina Waaqayyoof gad of deebisee, isatti of kennateefis, kadhanni isaa in dhaga'ameef.*

*Utuma ilma Waaqayyoo ta'ee jiruu immoo, dhiphina isatti dhufe hundumaa keessaa abboomamuu bare.*

*Inni isa waan hundumaa fiixaan baase ta'ee erga argamee immoo warra isaaf abboomaman hundumaaf sababii fayyina bara baraa ta'e" jedha.*

Inni maaliif abboomamaa ture? Sagalee Waaqayyoof abboomamaa ture.

Amma egaa, namni tokko teessoo Gooftaa Yesuus Kristoos irra taa'u kan danda'u yoo Sagalichaan jiraachaa kan ture ta'e qofaadha. Kadhannaan keessan, soomni keessan, qalbii diddiirrannaan keessan—waan fedhe yoo Waaqayyoof dhi'eessitan—kana keessaa tokko illee mirga teessoo sana irra taa'uu isiniif hin kennu. Inni misirroo SAGALEE taate qofaaf kennama. Akkuma teessoo mootichaa moototittiin isa waliin qooddattuu ti, sababni isaas isaaf isheen tokko waan ta'aniif, akkasuma warra akkuma Inni Sagalee ta'e Sagalee ta'antu teessicha Isaa wajjin qooddata.

Akkuma Addaamiifi Hewaan Sagalicha irraa kaatanii kufan, akkasuma Barri Efesoonis Sagalicha irraa xiqqoo kaachuudhaan akka kufan bara hundumaa keessattis ifatti agarsiifneerra, barri hundinuu Sagalichaa irraa garagaluu itti fufuudhaan, ganiinsa isa hamaa isa ta'e Sagalee Waaqayyoo sirna Waldaa Biyya Lafaatiin ganuu irra geenye. Barri Laa'odiiqeyaa kun Dubbiin Waaqayyoo dukkanaa'uudhaan xumurama, kanaanis Gooftaan isaan gidduudhaa ni ba'a. Inni ala dhaabatee warra kan Ofii Isaa ta'an, warra Sagalichaaf abboomamuudhaan isa duukaa bu'an waama. Gareen xiqqoon adamfamaa fi ari'atamaa jiran kun yeroo gabaabduu booda mul'ina Hafuuraa fi humna guddaa qabuun Yesuus wajjin jiraachuuf ni deemu.

**Xumura Bara Warra Isiraa'eloota Hin Ta'inii**

Barri kun bara waldaa torbanii isa dhumaa ti. Wanti bara jalqabaa ykn Efesoonitti jalqabe bara dhumaa ykn bara Laa'odiiqeyaatti guutumaan guutuutti bilchaatee sassaabamuu qaba. Wayiniin lamaan firii isaanii isa xumuraa ni kennu. Hafuuronni lamaan tokkoon tokkoon isaanii iddoo xumura isaaniitti mul'achuudhaan goolabamu. Facaasuun, bishaan obaasuun, guddisuun hunduu xumurameera. Ganni darbeera. Haamtuun amma midhaan sassaabamuutti kaa'ameera.

Lakkoofsa 15 hanga 18 keessatti bilchaachuun muka wayinii sobaa, hafuura sobaa, waldaa sobaa maal akka fakkaatu qoranneerra. *"Ergichi, 'Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati buluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture!Ati garuu Bu'aa'aa dha; diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira. Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati garuu nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu. Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'anetti, uffata adii, arguu akka dandeessuuttis qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa."* Jechoonni kana caalaa balaaleffannaa hadhaa'aa ta'e ittiin qubeessan hin jiru, namoota amantii of jajoo fi of tuuloo amantii qabna ofiin jedhaniif immoo kana kan caalutu malaaf iyyuu ture.

Garuu lakkoosa 21 irratti,

> *"Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf."*

Wayiniin dhugaa, Hafuurri dhugaa, sabni waldaa dhugaa gara teessoo Waaqayyootti ol kaafamanii gatii ol aanaa namoota gad of deebisanii jireenya Hafuuraatti cimanii jiraatan kamiifuu kaffalamu akka argatan hubanna.

Dubbiin Yohaannis Cuuphaan Kristoosiin waldaa dhugaa fi waldaa sobaa wajjin wal bira qabee kaa'e amma ni raawwatama.

Maatewoos 3:11-12,

> *"Yohannisis itti fufee, 'Yaada garaa keessanii geeddarachuu keessaniif bishaaniin isin nan cuupha, inni ana booddee dhufu garuu ana irra in jabaata, anis kophee miilla isaatii illee baachuudhaaf nama ta'u miti; inni hafuura qulqulluudhaa fi ibiddaan isin in cuupha.*
>
> *Oobdii isaa keessatti midhaan kan ittiin qulquulleessu hafarsaa of harkaa qaba; midhaan isa qulleeffames gombisaa isaatti in sassaaba; habaqii isaa garuu ibidda hin dhaamneen guba' jedheen.*"

Krostos, Haamtuu Jabaan, amma midhaan biyya lafaa haamaa jira. Warra kan Isaatiif dhufee bara baraan ofitti fudhachuudhaan wajjin jiraachuuf qamadii gombisaatti walitti ni qaba. Ergasii ibidda hin dhaamneen namoota hamoo balleessuudhaaf deebi'ee in dhufa.

Dhoksaan qamadii fi inkirdaadaa Maatewos 13:24-30 tti jiruus akkasuma fiixaan ba'eera.

> *"Yesus immoo fakkeenya biraa tokko isaanitti hime, 'Mootummaan waaqaa nama sanyii gaarii qotiisa irratti facaafateetti in fakkeeffama.*
>
> *Yeroo namni rafuttis diinni namichaa dhufee, inkirdaada qamadii keessa facaasee sokke.*
>
> *Midhaanichi guddatee ija erga godhatee booddee inkirdaaddichis immoo mul'ate.*
>
> *Kana irratti hojjetoonni abbaa warraatti dhi'aatanii, 'Gooftaa, sanyii gaarii qotiisa keetti facaafte mitii? Inkirdaada immoo eessaa godhate ree?' jedhaniin.*
>
> *Inni immoo, 'Nama diina koo ta'etu kana godhe jedhee isaaniif in deebise; yommus hojjetoonni, 'Nuyi dhaqnee isa akka aramnu barbaaddaa ree jedhaniin.*
>
> *Abbaan qotiisichaa garuu, 'Lakkii inkirdaada utuu aramtanii isaa wajjin qamadii akka hin buqqifnetti, dhiisaa!*
>
> *Hamma yeroo midhaan sassaabamuutti lachuu walumaa wajjin haa guddatan. Yeroo midhaan sassaabamutti warri sassaaban, dura inkirdaadicha bubuqqisanii akka gubamuuf bissii bissiitti akka hidhaniif, qamadicha garuu gombisaa kootti akka anaaf sassaabaniif ittan himadha' jedhee isaaniif deebise' jedhe.*"

Qamadii fi inkirdaadi bara jalqabaa irraa kaasee hanga ammaatti wal cinatti biqilian ni sasssaabamu. Wanti Niiqiyaan (Nicaea) raawwachuuf kaate dhumarratti raawwatameera. Humna gurmaa'insaa hundumaan waldaan sobaa hambaa dhugaa kamiyyuu irraa garagaltee deeggarsa humna siyaasa

mootummaatiin of cimsitee amanaa dhugaa bara baraan hundeen buqqisuuf kaate. Garuu yeroo isheen shira abshaalummaa ishee galamaan ga'uuf jettutti qamadiin gara gombisaatti walitti qabama. Kana booda sababa qamadiin achi hin jirreef eebba Waaqayyoo hin argatu, sababiin isaas qamadii ni deema dheekkamsi Waaqayyoos mallateeffamuu ja'affaatti ni dhangala'a innis guutummaatti badiisa jal'ootaatiin xumurama.

Amma yeroo muraasa dura wayiniin sobaa bara kana keessatti guutummaatti firii godhateera jedheen ture. Iji wayinii ishee bilchaatee ga'ee ture. Sun sirrii dha. Waldaan hafuura hamaa qabdu kun jal'inaan kan guutamtedha, isheen akka sanyii sanaaficaatti biqiltee guddachuudhaan muka simbirroonni jibbisiisoon qilleensa keessaa balali'an irra jiraatan taatee ni mul'atti. Mataa ishee irra mormituun Kiristoos, iccitiin jal'inaatu jira. Kun hundi dhugaadha. Akkasumas kun dhugaa yoo ta'e, Waldaan Misirroo akka bilchaattu, bilchinni ishees karaa Sagaleetiin Gooftaa ishee wajjin kan wal-fakkeessu ta'uun isaas dhugaa ta'uu qaba, Mataan ishee Isa gara ishee dhufu Iccitii Waaqummaati, Innis dhugumatti Kiristoosi dha. Akkasumas Waldaan sobaa haxxummaa fi humna Seexanaa hundumaa, humna siyaasaa, humna foonii fi jinniiwwan dukkanaa irraa ijaaramaniin wayinii dhugaa kana irratti akkuma ka'an, wayiniin dhugaa guutummaa Hafuuraa fi Sagalee wajjin hojii humnaa Yesuus godhe sana ni raawwatti. Sana booda akkuma isheen Mataa manaa (Headstone) isheetti dhi'aattu, karaa Sagaleetiin Isa fakkaachaa deemuun, misirroo fi Dhirsi Misirroon bara baraan akka tokkootti akka tokkoomaniif Yesus ni dhufa.

Duraan mul'atni qabatamaan ani isinitti himaa ture naannoo keenya hundatti mul'inatti ni argama. Sochiin Ikuumeenikii inkirdaada dhugaadha. Garuu akkasuma raajiin bara dhumaa ergaa Waaqayyoon biraa fidee dhufaa jira, sababiin isaas ergaa isaatiin garaan ijoollee gara kan abbootii Pheexeqoosxeetti waan deebi'uuf, akkasumas dhufaatii Gooftaa isa lammaffaa fuulduratti ni tarkaanfachiisa, akkasumas Dubbii Waaqayyoo deebisee humnaan iddootti deebisee dhaabuuf ni dhufa.

Yeroon nuti keessa jiraachaa jirru kun yeroo baay'ee murteessaa dha. Dubbii kanaaf amanamoo taanee akka irraa hin hir'isne ykn itti hin daballetti akkam of eeggannoo gochuu qabna laata, sababiin isaas namni bakka Waaqayyo hin dubbanetti dubbatu sobduu ta'a waan ta'eef. Keessattuu wanti ani addatti sammuu koo keesaa qabu kana: Gara jijjiirama jaarraa kanaatti Waaqayyoon beelli bara Filaadelfiyaatti uumame iyya Hafuura Waaqayyoo fide. Iyyichaaf Waaqayyo deebii akka ta'uuf afaan adda addaatiin dubbachuu, hiikaa afaanichaa fi raajii ergee yeroo deebi'u, gareen tokko battalumatti, waan Sagalee Waaqayyoo wajjin baay'ee wal faallessu, afaanonni hin beekamne ragaa Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamuu akka ta'e barsiisa ibsu tokko kaase. Afaan haaraan dubbachuun ragaa sana irraa fagoo ture. Inni mul'achuu kannaa hafuuraa (manifestation) ti, malee ragaa cuuphaa Hafuura Qulqulluu hin turre. Sobni barumsichaa isa mirkaneessuuf Caaffata Qulqullaa'oo dhabuu qofaan mul'achuu danda'uu isaa osoo hin taane, warri barumsichaaf mallatteessaniis battalumatti bu'uura barumsichaa irratti hundaa'uun gurmaa'an, kanaanis namoonni akka amanan barbaadan dhugaan isaan keessa akka hin jirre mirkaneessaniiru. Oo, wantichi gaarii fakkaata ture. Deebi'ee dhufuu Ayyaana Pheenxeqoosxee fakkaata ture. Garuu akkas akka hin taane mirkanaa'eera. Sababa gurmaa'aniif sana ta'uu hin dandeenye. Sunis du'a malee jireenya miti. Innis waan dhugaa ta'etti baay'ee waan dhi'aateef tuuti sonaan baay'een in gowwomfame.

Amma isa dhugaa hin turre erga ta'ee inni maal ture? Inni qola ija midhaanii, cidii ture. Bifa qola magariisaa fi lallaafaa ta'e qabu keessatti waan dhugaa ta'e fakkaata ture. Garuu akkuma namni tokko ooyiruu keessa seenee waan sirriitti qamadiin fakkaatu arguu danda'u ammas qoochoo (qola) qofa ture, (sanyii qamadii ammallee waan hin uumamneef) akkasuma kun qola lallaafaa waan midhaan dhugaa qabu fakkaatu ture malee amma iyyuu midhaan hin taane. Sanyii qamadii jalqabaa kan Pheenxeqoosxee bara dhumaa keessa deebi'ee dhufuu qaba ture. Inni bara wal ga'ii Niiqiyaatti biyyoo keessatti awwaalamee ture. Bara Saardesitti biqilee mutee mul'ate. Bara Filaadelfiyaatti qamadichi guddatee umna baase, Laa'odiiqeyaattis bolchaachuu qaba ture. Garuu hanga Dubbichi iddootti deebi'utti gara qamadii jalqabaatti deebi'uu hin dandeenye. Raajichi ammallee achitti dhufee hin mul'anne ture. Amma garuu akka yeroo bara Laa'odiiqeyaa keessa dhaabannee jirruutti, 'Raajii-Ergamaa'n Mul'ata 10:7 irraa biyyicha keessa jiraachuu qaba. Ammas “Gooftaan akkas jedha” kan jedhu as jiraachuu qaba, qajeelummaa dogoggora hin qabneen mul'achuuf qophaa'aa ta'uu qaba. Akkasitti Sanyii Dhugaan dursee bilchaachaa jira, SANA BOODAS NI HAAMAMA.

Yeroon kun yeroo makariiti. Eeyyee yeroo sassaabbiiti. Wayiniin lamaan walitti qabatanii biqilan dameen isaanii walitti hidhaman amma adda ba'uu qabu. Firiin wayinii sanaa kanneen garaagarummaa akkasii keessa turan gara gombisaa adda addaatti walitti qabamu. Hafuuronni lamaan gara bakka adda addaatti ni deemu. Amma waamicha isa dhumaa kan Misirroo Qamadii qofaaf dhufu, 'Yaa saba ko! Cubbuu ishee keessaa akka hin qabaannetti, dha'icha (rakkina guddaa mallateeffamuu ja'affaa fi Maatewos 24) ishee irraas akka hin hirmaannetti, kottaa (qamadiin), ishee (inkirdaada) keessaa ba'aa!' kan jedhuu dha.

**Akeekkachiisa Hafuura Qulqulluu Isa Dhumaa**

Mul'ata 3:22,

*“Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u!”*

Kun akkeekkachiisa DHUMAATI. Kan biraan hin jiraatu. Kutaan manaa teessoon keessa kaa'amu ijarameera. Hundeen manichaa kudha lamaan kaa'amaniiru. Daandiwwan warqee irraa hojjetamanii xumuramaniiru. Karrawwan dhagaa gati-jabeeyyii gurguddaadhaan hojjetaman ol kaafamanii dhaabamaniiru. Isheen akka piraamiidii qajeelaa fi ulfina qabeettii taatee dhaabbattee jirti. Isheen ulfina isa kan lafa irraa hin taaneen calaqqifti, ibsiti waan ta'eef, uumamoonni waaqa irraa warri ishee qopheessan hafuura baafachuudhaan ishee ilaalu. Rogni bareedina ishee hunduu seenaa ayyaana ajaa'ibaa fi jaalala Yesuus himu. Isheen magaalaa saba qophaa'eef qophooftedha. Warra ishee keessa jiraatan qofa kan eegdu yommuu ta'u, isaan yeroo dhi'ootti gammachuudhaan daandii ishee dhiphisuuf jiru. Eeyyee, kun waamicha isa dhumaati. Hafuurri Qulqulluun darbee bara biraatti hin dubbatu. Baroonni xumuramaniiru.

Garuu Waaqayyoof galanni haa ta'u malee, ammaaf barri kun hin dhumne. Inni ammallee iyyaa jira. Iyyi Isaas Hafuura Isaatiin gurra hafuuraa namootaa qofatti iyyuu osoo hin taane, ammas deebi'ee raajiin tokko biyyicha keessa jira. Ammas Waaqayyo akkuma Phaawuloositti mul'ise dhugaa ni mul'isa. Bara ergamaa torbaffaatti, bara Laa'odiiqeyaatti ergamaan Isaa dhoksaa Waaqayyoo akkuma Phaawuloos mul'isetti innis ni mul'isa, warri maqaa isaatiin raajicha simatan bu'aa gaarii tajaajila raajichaa ni argatu. Warri isa dhaga'anis ni eebbifamu, qaama misirroo guyyaa dhumaa sanaa kan Mul'ata 22:17 irratti caqafamtees ni ta'u,

*“Hafuurichii fi Misirrottiin, 'Kottu' in jedhuun.”*

Midhaan qamadii (Qamadiin Misirroo) Niqiyaatti lafa keessa dhaabame ammas Midhaan Sagalichaa isa jalqabaatti deebi'eera. Bara baraan Waaqayyo haa galateeffamu. Eeyyee, raajii Waaqayyoo isa dhugaa ta'ee fi bara dhumaa kana keessatti mul'atu dhaggeeffadhaa. Waan inni Waaqayyo biraa fuudhee jedhu, misirrottiinis ni jetti. Hafuurichi, raajichii fi misirrottiin waanuma tokkicha jechaa jiru. Wanti isaan jedhanis Sagalee Waaqayyoo keessatti durumaan kan dubbatame ta'a. Isaan amma, “Amma ishee gidduudhaa ba'aatii addaan of baasaa” jechaa jiru. Iyyi iyyameera. Iyyi iyyamaa jiras. Sagalichi (the voice) hanga yoomiitti iyya? Hin beeknu, garuu wanta tokko beekna, yeroon isaa hin dheeratu, sababiin isaas kun bara dhumaa waan ta'eef.

Namni gurra qabu, wanta Hafuurri Qulqulluun waldoota kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u. Hafuurri Qulqulluu kana dubbateera. Aduun dhi'aa jirtu baroota waldaatti baraa hamma bara baraatti dhi'uutti jirti. Sana booda wanti hunduu ni xumurama. Sana booda dhufuuf yeroon baay'ee kan barfate ta'a. Garuu wal-duraa duuba kana keessatti bakka wayiitti Waaqayyo Hafuura Isaatiin yoo isin ilaale, amma illee qalbii diiddiirrachuudhaan gara isaatti deebitanii jireenya keessan Isaaf yoo kennitan Hafuura Isaatiin jireenya bara baraa isiniif in kenna.

MESSAGE hub online
www.messagehub.info

Kan Lallabame
Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin
"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7